Renting In Seattle

# KITAABA QAJEELFAMA KIREEFFATAA



Seattle Department of Construction & Inspections

Jaanuwaarii 2024

# SAGALEE KENNUUF


## GALMAA'UU HIN DAGATINAA!

## SAGALEEN KEESSAN JIJJIIRAMA NI FIDA!

www.kingcounty.gov/depts/elections

## BAGA NAGAAN GARA MANAA DHUFTAN!

**yeroo gara mana haaraatti galan wantootni hojjettaman baay'eedha. Galmee filataa keessan haaromsuun gochoota barbaachisoo yaadachuu qabdan keessaa isa tokkodha.**





## GALMOOFTANII JIRTUU?

**Teessoo keessan haaromsuuf karaaleen salphaan 5 kunooti:**

- Heyyama konkolaachisummaa Washington State ammaa ykn waraqaa eenyummaa Isteetaa yoo qabaattan, toora interneetii irra seena!
- Unka galmee Kitaaba Qajeelfamaa Kireeffataa Kana waliin dabaluun poostaadhaan erguu.
- Maqaa keessan, guyyaa dhalootaa, teessoo mana jireenyaa fi poostaa durii, fi teessoo mana jireenyaa fi poostaa haaraa keessan elections@kingcounty.gov irratti iimeeliidhaan erguu.
- Gara 206-296-VOTE (8683) bilbiluu. Tajaajiloonni afaanota 120'n ni kennamu.
- Waajjiroota muummee King country Election Renton keessa jiru ykn Voter Registration Index Siyaatil jiru qaamaan dhaqaa.



**GUYYAA FILANNOO DURA GUYYAA 29'n DURA TEESSOO KEESSAN JIJJIIRUU YAADADHAA. KALAANDAARII FILATTOOTAA ILAALAA.**



## GALMAA'UU BARBAADDUU?

**Filannoof galmaa'uuf karaalee 3'tu jira:**

- Waraqaa heyyama konkolaachisummaa ammaa kan Isteeta Washington yookan Waraqaa Eenyummeessaa Isteetaa kan qabda taanan toora interneetii irra ilaalaa!
- Uunka galmee Kitaaba Qajeelfama Kireeffataa wajjiin jiru poostaadhaan erguu. (Harkisaa Giddu jiru ilaalaa.)
- Waajjira muummee King country Election kan Renton keessatti argamutti yookan King country Election Siyaatil keessatti argamu qaaman dhaqaa.

# Baga Nagaan Dhuftan!



## Qajeelfamni Kireessitootaa Maali?

Baga Nagaan Gara Renting in Seattle (Kiraa Siyaatilitti) Dhuftan. Yeroo waliigaltee kiraa jalqabaa keessan mallatteessitan, Abbaan qabeenya mana kireeffattanii waraabbii Kitaaba Kireeffataa kanaa kan maxxanfame isiniif kennuu qaba. Koppiiwwan elektirooniksii yeroo haaromsa liizii, waggaa waggaan liizii ji'a ji'aan, fi yeroo Magaalattiin sirna haaromfame maxxansu ni heyyamama.

Kitaabni Qajeelfama Kireeffataa mirgaa fi itti gaafatamummaa akka kireeffataa tokkootti qabdaniif ilaalcha waliigalaa gaarii kan isiniif kennuufi, gorsaa fi leecalloo faayida qabeessa ta'ee fi kiraa Siyaatil keessatti odeeffannoo guutuu isiniif kenna. Kitaaba kana bakka salphaatti argachuun danda'amu kaa'a.

Marsariitii keenya www.seattle.gov/rentinginseattle kan dambiiwwan marsaa kiraa fi seera mana jireenyaa haqa qabeessa, kireeffattootaa fi dhiyeessitoota mana jireenyaaf, dhaggeeffattoota tokkoon tokkoon isaaniif adda ta'e kennu dawwadhaa.

Yeroo odeeffannoo dabalataa ykn qajeelfama barbaaddan Sarara Gargaarsaa (206) 684-5700 Wiixataa – Jimaatatti sa'aatii hojiitti bilbilu ni dandeessu. Hiikkaan afaanii bilbilaan ni argama

Magaalaan Siyaatil magaalaa simannaa qabdu, hammattuu fi kan walqixxummaafiddoo guddaa qabdu dha. Hojjettoonni magaalaatti haala lammummaa kan hin gaafanneefi, haala immigireeshinii osoo hin ilaalin jiraattota hunda tajaajilu.


Dhumarratti, kitaabni qajeelfamaa kun akka gorsa seeraatti osoo hin taane, akka gargaarsa qajeelfama seera mana kiraa magaalattii hubachuuf gargaaruutti kan yaadamedha.

Kiraa Gaarii!

**Maxxansa[3] ffaa**

**Seattle** Department of Construction & Inspections

# Gabatee qabiyyee




| | |
|---|---|
| **MANA ARGACHUU** | 6 |
| Galmee kiraa manaa | 8 |
| Ulaagaalee xiqqaa ta'an | 9 |
| Mana Jireenyaa Haqa qabeessa argachuu | 11 |
| Gareewwan Eegumsa Argatan | 13 |
| **KIREEFFAMUUF KANQOPHAA'E** | 14 |
| Tenant Screening | 14 |
| First In Time Application | 16 |
| Income to Rent Ratio | 17 |
| Service Animals | 18 |
| **GALUU** | 21 |
| Tarree Sakatta'iinsa Galmaataa | 21 |
| Waliigaltee Kiraa manaa | 22 |
| Baasii Galmaataa | 23 |
| Herreega Tajaajilaa | 26 |
| **YEROO KIREEFFATAN** | 30 |
| Dirqama Kireessaa/Kireeffataa | 32 |
| Nama waliin jiraatan dabaluu | 34 |
| Hubachiisa Kireessaa | 36 |
| Waadaa Gargaarsa Kiraa manaa | 43 |
| **Bahuu** | 44 |
| Labsiibuqqa'iinsaa qofa sababa kan godhate | 46 |
| Ittisa Buqqisuu | 49 |
| Hidhaa seeraan ala kan Hidhu | 50 |
| Kuufama Wabii | 51 |
| **Yaada Xumuraa** | 52 |
| **Qabeenya Kireeffataa** | 54 |
| **Agarsiistuu** | 55 |
| **Yaadannoo** | 58 |

# MANA ARGACHUU

Bakka siif ta'u argachuun saayinsii sirrii miti namoonnis mana isaanii karaa adda addaatiin argatu. Tarreefamni hedduun toora interneetii irratti bilisaan ni argamu. Yeroo tokko tokko konkolaataa oofuun ykn naannoo keessa naanna'uun mallattoo 'kiraadhaaf' jedhu ni argamsiisa. Karaa sobaa kan saamichaa sarara irraa kan mallaqa akka galchitan isin gaafatan irraa of eegadhaa Ilaaluu keessaniin dura mana hin kireeffatinaa. Waliigaltichi gaarii fakkaannaan, tarii ta'uu danda'a! Saamtuuwwan kiraa shakkitu gara Federal Trade Commission karaa **www.consumer.ftc.gov** gabaasuu ni dandeesa.

Mana gatii mijataa jechuun waan gaariidha. Walumaa galatti, mana sadarkaa galii kee wajjiin wal madaalu, tarii, yeroo hedduu kan hin taane, naannoo itti kireeffattu irratti hundaa'udhaan. Manneen gatii madaalawaa muraasni federaalaan ykn/fi dhaabbilee gargaarsa manneenii tola-ooltotaatiin ni deeggaramu. The City's Office of Housing (Waajjira Mana Jireenyaa Magaalaa) arree mana jireenyaa gatii madaalawaa qaba, tarreffama jiru marsariitii kana **www.seattle.gov/housing/renters/find-housing** irraa barbaadaa.

Filannoowwan manneen gatii madaalawaatiif yeroo hedduu tarree eeggannaatu jira. Seattle Housing Authority (SHA, Abbaa Taayitaa Manneenii Seattle) manneen gatiin kanneen galii gadi aanaa qabanii fi sagantaa kireessaa "Housing Choice Vouchers" (Vaawuchara Filannaa Manneeni) jedhu abbummaadhan hoggana. Waa'ee SHA caalmaatti **www.seattlehousing.org** argachuu ni dandeessa, yookan waajjira isaanii jiddugaleessa Seattle 190 Queen Anne Avenue North tti dhaquu ni dandeessa. Tarii kompiyuutara argachuu kan hin dandeenye yoo ta'e, tarree dhiyeessa manneen madaalawootiif sarara Odeeffannoo Hawaasaa 2-1-1 irratti karraa bilbilaa bilbiluu ni dandeessa.





# GALMEE KIRAA MANAA

Bara 2014 irraa eegalee, Siyaatil *Rental Registration Inspection Ordinance(Labsii sakatta'iinsa galmee kiraa)* (RRIO) qabeenyi kiraa hundi magaalattii keessatti galmaa'uu akka qabu ni gaafata.  Wantoonni daangeffama kanaan ala ta'an tokko tokko kan akka manneen kireessaan qabaman kanneen kutaa kireeffatan, istookii mana jireenyaa Abbaa Taayitaa Mana Jireenyaa Siyaatil ykn dhaabbilee heeyyama qaban kan akka mana jireenyaa gargaarameefaa ni dabalata. Qabeenyi kiraa abbaan qabeenyaa biroo akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

Abbootiin qabeenyaa kutaan kiraa isaanii ulaagaalee jireenyaa bu'uuraa tarree sakatta'iinsa galmee irratti ibsaman guutuu isaa ofumaan mirkaneessuu qabu.  Dursi kan kennamu fayyaa fi nageenyaafidha. Sakkata'insa waggaa 5-10tti al tokko kan barbaachisu yoo ta'u, qorataa magaalaatiin ykn qorataa mana dhuunfaa magaalattiin mirkanaa'een xumuramuu danda'a. Haaromsi galmee waggaa lama lamaan rawwatama.

Teessoo yuunitii kiraa **www.seattle.gov/rrio** irra barbaaduudhaan galmaa'uu isaa mirkaneessuu dandeessu.  Galmaa'uu dhabuun adabbii fiduu fi dandeettii kireessaan beeksisa kaasuu kennuu irratti dhiibbaa uumuu danda'a.



## Bilisummaa Kireessaan qabu

Walumaagalatti, Kireessitoonni mana isaanii kireeffattoota waliin qooddatan ykn qabeenya tokko irratti mana qaban, kan akka adu/dadu(kutaa jireenyaa dabalataa kan itti dabalame/kan itti dabalame), dambiiwwan kiraa tokko tokkoo fi seera mana jireenyaa haqa qabeessa irraa bilisa ta'u.

Haalli tokko tokko bilisummaa tokko tokko, kan akka itti fayyadama dhaabbata bulchiinsa qabeenyaa ykn beeksisa sarbama istaandaardii mana jireenyaa irratti dhiibbaa uumuu danda'a.

Murtoo odeeffannoo irratti hundaa'e murteessuuf garaagarummaa jiru hubadhaa. Wanti hunda caalaa barbaachisaa ta'e kireessitoonni kiraa abbaa qabeenyaatiin qabaman beeksisa guyyoota 20'n kiraa ji'a ji'aan addaan kutuuf ykn haaromsa liizii dhiyeessuu dhiisuuf sababa qabaachuu isaaniiti.

Bal'ina isaaf, dambiiwwan armaan gadii kanneen abbootii qabeenyaa abbaa qabeenyaa-jiraattotaaf Bilisa ta'uu qaban ilaalaa:

- Manneen jireenyaCarraa Wal-qixaa ful. 11- 12, 17-18
- Yeroo jalqabaatiif- ful.16
- Baasii manatti galuu-ful. 24-25
- Hiriyaa wajjin galan dabaluu - ful. 34-35
- Sababa haqa qabeessa -ful. 46-48
- Ittisa Buqqa'iinsaa -ful. 49

# Ulaagaa Xiqqaa

Waan fedhii keetii cinatti waan mana kee keessatti barbaaddu ilaaluunis baayyee barbaachisaadha. Siyaatil manneen kireeffannaatiif koodii manneene jireenya magaalatti keessaa fi Building Maintenance Code (Seera Supha Gamoo) keessatti ulaagaalee nageenyaa fi suphaa sadarkaa xiqqaa kasee ni qabdi. Kanneen armaan gadii ibsa bu'uuraa sadarkaawwan kanneeniti.

## Bakkaa fi Haala Bakka Qabachuu


Ramaddiin kuni hamma bal'inaa isa xiqqaa fi roga kutaa ciisichaa maal akka fakkaachuu qabu ibsa. Akkasumas barbaachisummaa ifaa fi haala to'annoo ho'a manaa, kan akka foddaa, qabbaneessituu, fi haala qulqullina manaa ni hammata. Fakkeenyaaf, kutaan ciisichaa xiqqaatee faana iskuweerii 70 dabalataan faana iskuweerii 50 tokkoon tokkoo namaatif qabaachuu qaba.

## Ijaarsa

Qabiyyeewwan akka bu'uuraalee, qaawwa aarri ittin bahu, dhaabnii fi baaxiin jajjaboo fi kan hin sochoone ta'uu qabu. Gamoon dirqama qilleensa kan dandamatu, dhukkee kan hin qabne, caccabaan ala, fi haala gaariidhaan kan suphame ta'uu qaba.

## Makaanikaala

Kutaaleen manneenii hunduu madda hoo'isaa dhaabbataa qabaachuu qabu (hoo'istuuwwan alaa qofti gahaa miti). Meeshaalen akka elektirikaalaa, shiboo, fi faayessituuwwan dabalatee seeraan suphamuu qabu. Kutaaleen hunduu nageenyummaa fi argannaa elektirikaalaa gahaa qabaachuu qabu.






### Ibiddaa fi Haala Nageenyaa

Kortoowwan haala sirrii ta'een kan ijaaramanii fi qabannaa harkaa sirrii qabaachuu qabu. Mul'istuuwwan aaraa fi kaarboon monoksaayidii barbaachisoodha. Kutaalee hirribaaf oolan hunda keessattu balballi karaa keessaa fooddaa gahan (egress jedhamanii kan beekaman) jiraachuu qabu. Mana guddaa fi kutaa heddu qabuuf wantootni dabalataan barbaadaman heddutu jira.

### Haala Eegumsaa

Balbalti seensaa cufaa qabaachuu fi qaawwa agarsiistuu qabaachuu qaba. Jijjiirraan kiraa yeroo taasifamutti furtuun jijjiiramuu qaba. Gamoowwan nageenyummaa kireeffattootaa fi qabenya isaanii yakka irraa eeguudhaaf dirqama kan eegaman ta'uu qabu.



### Beekuun Gaariidha!

Nageenyummaan waliigalaa kan biraa gamoowwanii fi manneen durii keessatti kan ilaalamuu qabu diba liidii fi asbestos miidhaa geessisuu danda'u (caccaphee yoo kan hin tolfamin ta'e) Manichi mana boolla gadii kan hundee jalaa qaba taanan, balballi alaa yookan fooddaa ni qabaa? Yoo hin qabaatin, kutaawwan sunniin akka mana ciisichaatti beeksifamuu yookan fayyadamamuu hin qaban, sadarkaa waan hin guutnef.



# Mana jireenyaa haqa qabeessa argachuu

Seerotni mana jireenyaa haqa qabeessa Siyaatil namni hundi carraa mana jireenyaa walqixa ta’e akka argatu gochuuf carraaqu. Osoo liizii mallatteessuu hin murteessiin durallee loogii irraa eegumsa hedduu qabdu.  Kunis madda galii; galmee yakkaa, beeksisa ala ta’uu/to’annoo kireeffataa, fi bakka jireenyaa/foyya’iinsa mirga qaama miidhamummaa madaalawaa dabalata.

Dhiyeessaan mana kiraa, itti yaadees haa ta'uu tasa, kireeffattoota tarree irraa haquun seeran ala. Beeksisini 'nama gaggaarii lamaaf ni ta'a' jedhu dhiibbaa qaba sababni isaatis fakkeenyaaf namoota 'haala maatii' isaanii irrati hundaa'un iyyatan ni dhiiba waan ta'eef.

Kireessitootni yeroo kutaa kiraadhaaf beeksisan, dirqama odeeffannoo addaa ibsuu qabu. Beeksisni dirqama:

- A deemsa iyyannoo keessatti ulaagaalee calallii fi ulaagaalee xiqqaa adeemsisuuf gargaaraan dabalata.
- Odeeffannoo fi sanadoota kireessaan calallii keessatti itti fayyadamu hunda ibsa.
- Iyyata wantoota akka hiikkaa afaanii ykn bakka jireenyaa madaalawaa qaama miidhamtootaaf guutuuf akkamitti yeroo dabalataa gaafachuu akka dandeessu ibsuuf odeeffannoo kenna

### Eeggumsa Madda Gali

Siyaatil kireeffattoota galiin isaanii qacarrii irraa adda ta'eef eegumsa ni taasisti. Dhiyeessitootni manaa sababa galiin kee nageenyummaa hawaasaa, soorama, miidhamummaa fi kkf irraa dhufuuf, ykn sagantaalee kiraa xixiqqoo kanneen akka Housing Choice Voucher (Nagahee Filannoo Mana Jireenyaa) irratti hirkachuu keetin mana si dhoorkachuu hin danda'ani. Yoo kireessaan kee ulaagaa reeshoo gara kiraattii barbaada yoo ta'e herrega taasisuun dura gargaarsa ati argattu kamiiyyuu hir'isuu qabu. Reeshiyoo galii gara kiraa dabalataaf fuula 17 ilaali.

## Fair Chance Housing

*Fair Chance Housing* Seattle namoota seenaa duubduubbee yakkaa qaban yeroo mana kireeffachuuf yaalanitti dhiibbaa isaanirra gahuuf eegumsa taasisa.

Beeksisni kireessa manaa namoota duubduubbee seenaa yakkaa qaban hin ittisu.

Iyyattootni ga'eessotaa waa'ee galmee yakka saalaa irraatti gaafatamuu malu. Kireessaan kan iyyattaa tarii fudhachuu diduu danda'u yoo:

1. Jeequmsichi akka ga'eessaatti kan raawwatame yoo ta'e.
2. Sababni qabatamaan yoo jiraate. Walitti dhufeenyi imaammata/hojii fi nageenya jiraataa/qabeenya gidduu jiru agarsiisuu qaba.

Wantoota kireessaan xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu wantoota armaan gadii dha:



- Uumamaa fi cimina jeequmsicha
- Hamma fi gosa miidhaa adabamteefi
- Umrii yeroo miidhaaf adabamte
- Seenaa kireeffataa gaarii tahuukee
- Yeroo erga adabamtee boodaa
- Odeeffannoo yaada utubaa

Abbootiin qabeenyaa manaa bakka jiraatan irratti yuunitii akka mana jireenyaa walitti hidhame ykn kutaa mooraa duubaa kireessan daangaa sakatta'iinsaa kana irraa bilisa ta'u. fuula 8 ilaali.

Beeksisa kiraa manaa kan Fair Chance housing laws kenninsa Manaa hin guutne argitan, gabaasudhaaf toora bilbilaa gargaartuu (206) 684-5700 irratti bilbiluu ni dandeessu.



# Kutawwan Eegaman

Seerotni Fair Housing Siyaatil gita eegumsa qabu irratti kan hundaa'u fi namni hundi mana jireenyaa walqixa akka argatu gochuuf kan qophaa'eedha.

- Sanyii
- Bifa
- Hidda
- Saala
- Qaama Miidhamumma
- Duudha
- Amantii
- Umrii
- Gadoo
- Maddeen filannoo madda galii
- Hidda sanyii
- Sadarkaa gita qoqqoodinsa hawaasummaa
- Haala Gaa'eelaa
- Ilaalcha siyaasa
- Haala maati
- Filannoo saala
- Eenyummaa saala
- Fayyadama tajaajila bineelda
- Fayyadama Vaawuchara Filannoo Manaa ykn sagantaalee deeggarsaa biroo
- Tajaajila raayyaa yookan bakka lolaa kan deebi'anii
- Seenaa yakka
- Hala lammummaa fi baqattummaa
- Bu'aa ulfaa



# KIREEFFACHUUF QOPHAA'AA DHA

Kireeffannaan daldala dorgommii qabu ta’uu danda’a, keessumaayyuu yuunitii gatii madaalawaa ta’aniif. Dursanii qophaa'un dhugaamatti ni gargaara.


- Gabaasa calallii kee irratti qabxiilee dhiibba uuman sirritti adda baafadhu. Odeeffannoo sana iyyata kee irratti fooyyessuu akkasumas haalota iyyata kee gargaaran ibsuu ni dandeessu. Gabaasa liqaa keessanii **www.annualcreditreport.com** irratti argachuu ni dandeessu.
- Iyyata galii taasisuu keen dura mirgoota kee bari.
- Iyyata keetif odeeffannoowan armaan gadii qophii taasisi:
    - Teessoon ammaa fii kan duri odeeffannoo kireessaa dabalachuu qaba
    - Maqaa fi bara dhalootaa kanneen si wajjiin jiraatan hundaa
    - Mirkaneessa qacarrii fii galii
    - Odeeffannoo konkolaataa
    - Wabii, kan dhuunfaa fii kan mana wajjiin wal qabatus
    - Odeeffannoo bineelda manaa

## Sakatta’iinsa Kireeffataa

Dhiyeessitootni manaa ulaagaalee iyyata kee qorachuudhaaf isaan itti fayyadaman fii sababoota iyyata kee kuffisuu danda'an dursanii ibsuuti isaan irra jiraata. Gbaaasa qorannoo argachuuf mirga qabda.

Gatii garagalchaa kan iyyata qorannoo qofa gaafatamta. Gatiin maamilummaa Seattle keessatti mataa ga'eessatiin $25-$45 dha.

Iyyatni kee yoo kufaa kan ta'u ta'e, dhiyeessaan manaa dirqama sababoota barreeffamaan siif dhiyeessuu qaba. Kuni immoo ‘gocha faallaa’ kan jedhamu yoo ta'u Magaalichaa fi Seera Naannootinis ni barbaadama.



## Kuufama Qabachuu

Mana kireeffachuudhaaf yoo iyyattu, dhiyeessaan manneennii hanguma manneen barbaadutti mana qabuudhaaf qabdii si kaffalchiisuu danda'a.

Kuufamni olaanaan kireessaan i kaffalchiisuu danda'u kiraa ji'a tokkoo keessaa 25% dha. Nagaheen barbaachisummaa waliigaltichaa ni ibsa.

Yoo kutaan sun isiniif dhiyaatee fi akka hin barbaanne murteessitan, kuufama kanaan dura qabdan dhabuun keessan hin oolu. Qabdichi yoo iyyatni kee guutumatti hin milkaa'in ni deebi'a yookan yoo manichi gamaggama sagantaa kiraatif taasifamu yoo kan hin dabarre ta'e.

Yoo kutaa kanaaf waliigaltee kiraa manaa mallatteessitan, maallaqni kun baasii kiraa ykn jijjiirraa ji'a jalqabaa (kuufama wabii fi kuufama beeyladoota manaa) irratti hojiirra ooluu qaba.





# First-in-Time Application (Iyyata-yeroo-Jalqabaa)

*First-in-Time Ordinance (Qajeelcha Yeroo Jalqabaatti)* kireessitootni iyyataa ulaagaa guute isa jalqabaatif kan iyyata isaa guutuu dursee galcheef waliigaltee kiraa akka kennan gaafata. Dhiyeessitootni iyyattoota manaa waraqaalee barbaadaman guutuu, kkf irratti deeggarsa gochuutu irraa eeggama.

Kireessitootni dirqama:

- Iyyata guyyaa fi sa'atii dhufaatii isaanitiin chaappessuu
- Iyyata akkaataa duraa duuba isaanitiin tokko yeroo tokkotti calaluu
- Iyyattootaaf yoo xiqqaate akka odeeffannoo dabalataan iyyata isaanii guutaniif sa'aatii 72 kennuufii qabu.
- Dhiyeessii waliigaltee kiraa manaatiif deebii kennuudhaaf sa’aatii 48 kennamuufii qaba; yeroo kana booda kireessaan iyyataa itti aanu sakatta’uu itti fufuu danda’a.



# Rent Ratio gara Kiraa

Kireessaan sababa maddi yookan madddeen galii keessanii qacarriidhaan ala ta'eedhaaf mana isin dhowwachuu hin danda'u. Yoo ulaagaan ga'aa ta'uu reeshoo galiif kireeffannaa yoo ta'e, fi galiin kee madda biraa irraa yoo ta'e, kireessan kee herrega hojjachuu keessatti tarkaanfiiwwan kanneen hordofuu qaba:

### TARKAANFII 1

Maddoota galii mirkanaa'uu danda'an hunda ida'uun galii waliigalaa ji'aa kireeffataa murteessuu.

**Galii Ji'aa**

Nageenya Hawaasaa: $400

Kaffaltii Loltuu Buleessaa Yeroo Tokkoo: $300

Gargaarsa Daa'imaa: $200

**Galii Waliigalaa Kireeffataa: $900**

### TARKAANFII 2

Kiraa ji'aa irraa deeggarsa wabii qabu hunda hir'isuun qooda kireeffataa murteessuu.

**Kiraa: $1200**

Gargaarsa Loltuu Buleessaa deeggarsaa: $1000

**Kutaa kiraa kireeffataa: $200**


### TARKAANFII 3

Kiraa kireeffataa reeshiyoo keessaniin baay'isuun galii barbaachisu shallagaa. Galii waliigalaa kireeffataa galii kireeffataa barbaadu irraa hir'isuun ulaagaalee murteessaa.

**Reeshiyoo 3: 1'n galiin kireeffataa $600 dha.**

Gargaarsa Loltuu Buleessaa deeggarsaa: $1000

**Kireeffataan Ulaagaalee Galii 3:1 ni guuta**



# Tajaajila Bineeldotaa

Seattle keessatti tajaajila bineeldotaa jechuun gargaartuuwwan, masaktuu, teeraappii bineeldotaa fii kan birootis hammata. Tajaajiloota bineeldotaatif seerotni manneenii sirnawan barbaadamoodha.

- Dhiyeessaan manaa barbaachisummaa bineeldota gargaartuu qaama miidhamummaadhan wal qabatu qamota sadaffaa akka dhiyeessaa fayyaa yookan nama ogummaa qabu irraa hidhata isaan qaban gaafachuu danda'a.
- Bineeldotni tajaajilaa akka bineeldota manaatti lakkaa'amanii kutaa kireeffamu irraa dhoorkamuu hin danda'an. Bineeldota gargaartuu irratti seerri "Bineeldan Ala" jedhu hin hojjatu.
- Waraqaan ragaa leenji'ummaa bineeldaa hin barbaachisu.
- Dhiyeessaan manaa kanaaf qabdi, kaffaltii, yookan kaffaltii dabalataa bineeldota tajaajilaatif hin gaafatu.
- Amala tajaajila bineensa keessanii fi miidhaa isaan kutaa kiraa keessanii fi qabeenya irratti geessisan kamiifuu itti gaafatamummaa qabdu.




## Argannaa

Argamni manneenii kireeffattoota qaama miidhamtootaaf of danda'anii akka jiraatan taasisa. Iddoon fudhannaa, teessoo ittiin deemaniif bal'inni dabalataa, iddoowwan dhaabbii sirreeffamoon fakkeenyota muraasadha. Qaama miidhamummaa qabda taanan, sirreeffama yookan kennamiinsa addaatif gaafachuu dandeessa.

Kennamiinsa jechuun jijjiiramoota seerotaa, poolisiiwwanii, gochaalee, yookan tajaajiloota carraa wal qixaa akka mana kirreeffattetti fayyadamtuuf siif hayyamanidha. Fakkeenyi kenniinsa addaa iddoo dhaabbii konkolaataatti akka teessoo ittiin deeman fayyadamaniif bakka dhaabbii isaanii cufaa akka turuuf ta'uu dha.

Sirreessi sababa qabu manicha akka kireeffatamuuf irratti jijjiirama qaamaa taasisuudhaan akka fayyadamaaf tolu taasisuu jechuudha. Yoo kireessaan kee deeggarsa federaalaa argata ta'een alatti fooyya'iinsa sababa qabuuf kan kaffalu sidha. Serreessa sababa quubsaa qabuuf fakkeenya kan ta'e balbala mana fincaanii akka bal'aatti jijjiiramuuf gaafachuudha.

Yoo gaaffii qabaattan yookin komii dhiyeessuu barbaaddan, Sarara Gargaarsaa (206) 684-5700 irratti nu qunnamaa.





# ITTI GALUU

Itti galuun yeroo hedduu yeroo dhiphinaati. Wantootni salphaatti ol bahanii mul'achuu malu. Yeroo kanatti gadi fageenyaatti fi of eeggannoo gochuu irratti xiyyeeffachuuun gochuun baayyee barbaachisaadha haala kireeffannaa kee hafetti murteessaa waan ta'eef.

## Tarree sakatta'iinsa Seensaa

Kuni kutaa waliigalee kiraa keetii isa baayyee barbaachisaadha sakatta'iinsa nageenyaa wajjiin wal si qunnamsiisa waan ta'eef.

- Haala ammaa mana haaraa keessanii sirritti ibsuu qaba.
- Miidhaa kanaan dura dhaqqabeef itti gaafatamummaa akka hin fudhanneef osoo gara manaatti hin galin hatattamaan kireessaa wajjiin haasa'uu qabdu.
- Atii fii kireessaan kee mallatteessitanii guyyaan ol kaa'ee qabdu. Kireessaan kee garagalcha siif kennuu qaba
- Tarreen sakatta'iinsaa kun yeroo mana keessaa baatan mana irratti miidhaa geessisuu fi dhiisuu keessan baruuf kireessaan keessan ni fayyadama.

Tarree Kuufama Nageenyumma mallaatteeffamaa fi guyyaa kan qabu malee sassaabuun dhoorkaadha.




# Waliigaltee Kiraa



Baga Gammadde! Gaaffiin iyyaannoo mana kiraa keessanii milkaa'inaan waan raawwatameef amma waliigalte kiraa mallatteessuu dandeessu. Mallatteessuu keessan dura sirnaan dubbisaa. Yaadadhu, kuni koontiraata seera qabeessadha.

- Kiraa manaa keessan alatti baasiiwwan kanneen akka, kaffaltii tajaajilaafi akkamitti kaffaluu akka dandeessaniif xiyyeffannoo kennaa.
- Waa'ee imaammata keessummaa,bineeldootaa, dhaabbii konkolaataa, kkf sirritti hubachuu keessaan mirkaneessuuf seera jiru sirnaan hubadhaa.
- Yoo afaan Ingiliffaa afaan keessan jalqabaa miti ta'e, gargaarsa waliigaltee kana hubachuuf isin gargaaru argadhaa.

Yeroo waliigaltee kiraa jalqabaa mallatteessitutti garagalchi Qajeelfama Kireessaa(maxxansa bahee) siif kennamuu qaba. Yeroo kitaabni qajeelfamaa kun yeroo hunda haaromfamu ykn kireeffattoota ji'a hanga ji'aatiif waggaa waggaadhan; Waliigaltee kiraa itti fufiinsa qabuuf garagalchi elektirooniksii ni heyyamama.



# Gosoota Waliigalteewwan Kiraa Manaa



Waliigalteewwan kiraa manaa Siyaatil hundi *Just Cause Eviction Ordinance (Labsii Buqqa'insa Sababa Haqaa)* tiin kan bulfamanidha. Kana jechuun abbaan qabeenyaa tokko waliigaltee kiraa ji'a ji'aan raawwatamu addaan kutuuf ykn liizii yeroon isaa darbe haaromsuuf 'sababa seera qabeessa' qabaachuu qaba jechuu dha. Yeroon beeksisaa sababa addaa sana irratti kan hundaa'udha. Sababootni kireessaan dirqama kennuu kunneeni fi beeksisne fuula 46 irratti argamu.

## Ji'a Ji'aan

Gosti kiraa kanaa ji'a ji'aan kan haaromfamuudha. Atis yeroon kaffaltii ji'aa gahuu dursitee guyyoota 20 dura barreeffamaan ibsuudhan waliigalticha adda kutuu ni dandeessa. Fakkeenyaaf, Gurraandhala keessa bahuu yoo barbaadde, kireessan kee beeksisa barreeffamaan Gurraandhala 8 dursee isa qaqqabuu qaba. Jijjiiramuun waliigaltichaa gaarii ta'eetu, garuu haalota waliigaltichaa, hanga kaffaltii kiraa ji'a kan waliigaltee ji'a ji'aanii wajjiin jijjiiramu fi beeksisa waliigaltee ji'aa ji'attii sirritti hubadhu.

## Liizii Yeroo

Gosti kiraa kanaa yeroo ta'eef kan ta'uudha. Gosti kiraa kanaa yoo waliigaltee keefii kan kireessaatin ta'e malee yeroo ta'eef kan turuudha. Yoo akkas gochuudhaaf sababa qabaataan malee, kireessaan kee yeroon haaromsaa kee irra darbuu dura guyyoota 60-90 keessatti dirqama haaromsa liizii siif kennuu qaba. Sababa fuula 46 irratti argamu.

## Waliigaltee yeroo kan kallattiidhaan kiraa ji'a ji'aanitti jijjiiramu

Kuni kan ta'u yoo kiraan akkaataa waliigaltee yerootiin jalqabamee xumura irratti gara waliigaltee ji'aa ji'aanitti kallattiidhaan jijjiiramuudha. Yeroo waliigalteen xumuramu irratti kireessaan sababa qabaateen alatti, mirga yeroo jalqabaatiin booda turuu ni qabda.

## Waliigaltee kiraa hin qabduu?

Waliigaltee barreeffamaa malee mana kireeffachuun itti galuun yaada gaarii miti. Haala kana keessa jirta taanan, akka kireeffataa ji'a ji'aatti afaanin waliigaltaniitti hubatamtee kireessaadhan eeggumsi siif taasifama. Haa ta'u malee, hiikkaan kireeffataa nama mana tokko keessa waliigaltee kiraatin jiraatu jechuudha. Waliigalteen afaanii seera dhabeessa utuu hin taane, yoo tarii wal dhibdeen kan ka'u ta'e ati kireeffataa ta'uun kee waliigaltee barreeffamaa malee ulfaataa ta'uu danda'a.


# Baasii Seensaa

Seattle keessatti, kaffaltii itti galiinsaatif gatii hanga daangeffamaa ta'etu jira. Kaffaltiin itti galiinsaa qabdii eegumsaa, kaffaltii fi qabdii bineeldaa hammata.

- Kuufamni nageenyaaf fi kaffaltiin walitti idaa'amuudhaan kaffaltii ji'aa irra darbuu ykn qixa ta'u hin qabu.
- Kaffaltiin kan kaffalamuu danda'u qorannoo (sakatta'iinsa duubee yeroo kiraadhaaf iyyattu) fi/ykn qulqulleessuu qofaaf
- Jalqabbii waliigaltee irratti kaffaltiiwwan qulqullina manaa kaffalamaniiru yoo tahe, yeroo baatan irra deebiin hin kaffaltani.
- Dimshaashni kaffaltiiwwanii kaffaltii manaa kan ji'aa 10% hin caalu
- Hammi olaanaan bineeldaaf kaffaluu dandeessan baay'inni bineeldota hammam yoo ta'aniyyu kaffaltii ji'a tokkoo keessaa 25% qofa.

**Fakkeenyaf:**

Tracy'n kophaa kan jiraattu saree kan qabdudha. Kaffaltiin kiraa ji'aa mana ishee itti galuuf jirtuu ji'aan $1,200 dha.



Kireessan Tracy kan kaffalchiisuu danda'u:

- $45 gatii calallii
- $75 gatii qulqulleessuu
- $1080 qabdii nageenya
- $300 qabdii bineelda

Gatiin itti galiinsa Tracy walumaa galatti yoo guddate $1,500 ta'a.

Hamid fi Fatima'n ijoollee isaanii lama wajjiin maatii nama afuriiti. Kiraan ji'aan $2,200 dha.



Kireessan isaanii kan kaffalchiisuu danda'u:

- $90 ($45 x 2) gatii qorannoo
- $130 gatii qulqulleessuu
- $1980 qabdii nageenyumma

Dimshaashni itti galiinsa maatii yoo guddate $2,200 dha.

## Dabaree Kaffaltii

Yeroo baay'ee mana haaraatti ce'uuf kiraa ji'a sadii altokkotti kaffaluun ulfaataa ta'uu danda'a. Siyaatil keessatti, mirga gatii itti galiinsaa (qabdii fii gatii), kaffaltii ji'a xumuraa, fi qabdii bineeldaa kaffaluu ni dandeessa.

Kireessaan sababa ati kaffaltii dabareenii filatteef sitti kireessuu diduu hin danda'u. Kaffaltiiwwan dabareenii yeroodhaan taasifamuutu isaanirra jiraata yookan kaffaltii kiraa ji'aanii irratti dabalataan Guyyaa 14 Keessatti Kaffaluu yookan Bahuu dhaaf saaxilamuu dandeessa. Kaffaltiin dabareenii yeroo turtii kaffaltii keetii irratti hundaa'a.

### Qabdii & Kaffaltiiwwan

- Guyyoota 30 - kireeffataa ji'a jaha = kaffaltii yeroo wali qixaa walitti aanan afur.
- Ji'a ji'aan = dabaree kaffaltii wal qixaa lama
- Qabdii/kaffaltiidhaaf kaffaltii kiraa ji'a tokkoo 25% hin caalu taanan dabareen hin barbaachisu
- Qabdii bineelda = dabaree kaffaltii wal qixaa sadi




### Kiraa ji'a darbe

- Ji'a jaha+kireeffattummaa = dabaree kaffaltii jaha, kan walitti aanan jaha wal qixa ta'an
- Guyyoota 60 - kireeffattummaa ji'a jaha = kaffaltii wal qixaa afur yeroo wal qixaa keessatti
- Kaffaltii, adabbii, dhalli kaffaltii dabareewwanii irratti hin hojjatan
- Kaffaltii dabaree yeroodhan kaffaluu dhabuun waliigaltee kiraa cabsuudha kanaafis Beeksisa Guyyaa 14 keessatti kaffaluun yookan Bahuu isiniif kennamuu danda'a.
- Akka filannootti, waliigaltee lamaan keessaniitin atiif kireeffataan keessan sagantaa kaffaltii baafachuu dandeessu. Bifa barreeffamaatin taasisi.



# Herreega Fayyadamaa

## Seattle City Light

Seattle City Light (SCL, Ibsaa Magaalaa Seattle) muummee herreega dhimma elektirikaatif itti gaafatamummaa qabuudha. Maqaa keeti akkaawuntii banachuu ni dandeessa. Yeroo baatu akka SCL'n beeku taasisuun ittigaafatamummaa keeti Kaffaltii yeroodhan tajaajilaaf yookan kireessaadhaaf kaffaluu dhabuun tajajila beeksisa cufuumsaa fi/yookan *Beeksisa Guyyaa 14 Keessatti Kaffaluu* karaa kireessaa keessaniin isin irratti bahuu danda'a.

**Gorsa Dabalataa:**
SCL'n akkasumas maamiltoota ulaagaa guutaniif sagantaa hir'ina gatii fi deeggarsa kaffaltii ni kenna. Marsariitii isaanii **www.seattle.gov/light/assistance/** dawwadhaa yookiin (206) 684-3000 irratti bilbilaa.



## Seattle Public Utilities

Seattle Public Utilities (SPU, Tajaajilli Hawaasaa Siyaatil) kutaa Magaalaa kan bishaan, xuraa'aa fi balfaaf itti gaafatamummaa qabudha. 2011 irraa eegalee, kireeffattootni haaraan maqaa isaanitiin herreega hin banan. Kireessan guutummaa akkaawuntichaaf itti gaafatamadha. Yoo waliigaltee kiraa kee irratti ibsameera ta'e fayyadamaaf tarii kaffaluun sirraa eeggamuu mala. Kireessaan kallattiidhaan si kaffalchiisa taanan garagalchi nagahee siif kennamuu qaba. Kaffaltii yeroodhan kaffaluu dhabuun beeksisa cufuu fi/yookan *Beeksisa Guyyaa 14 Keessatti Kaffaluu* kireessaa keetin sirratti ta'uu danda'a fayyadamuun dhimma baasuutif sababa waan ta'uuf.

**Gorsa Dabalataa:**
Waraqaa mana fincaanii malee mana fincaanii keessatti homaa hin darbatin. Akka hin jiini, rifeensofne, fi waan gurguddaa karaa baasichaa gadi naqi. Ujummoo cufame sirreessuuf baasii guddaa kan gaafatu waan ta'uuf, isin ykn namni mana keessan keessa jiru waraqaa mana fincaanii malee waan biraan yoo itti gadi naqe, kireessaan keessan baasii guutuu isin kaffalchiisuu danda'a. Oomishaalee 'dhangala'aa' haxaa'uu fi kkf irratti himannaa gabaa hin amaninaa.

**Beekuun Gaariidha!**
SPU'n maamiltoota ulaagaa guutaniif sagantaalee hir'ina tajaajilaa fi gargaarsa kaffaltii ittiin kennu ni qaba. **Www.seattle.gov/utilities** ilaali yookan (206) 684-3000. **irratti bilbili.**

**Gorsa Dabalataa:**
Kaffaltii yeroon kaffaluu dhabuun baasicha fiduu danda'a.

**Gorsa Dabalataa:**
Hafteen nyaataa fi wantootni deebi'anii fayyadamamuu danda'an kuusa balfaa keessatti gatuun hin hayyamamu. Wantoota kanneenif gamoowwann hunduu kuusaa addaa qabaachuu qabu.



**Gorsa Dabalataa:**
Copha, mana fincaanii yaasu, fii waa'ee rakkoo fayyadamaa kan biraa kireessaatti gabaasuu dhabuun hundumaaf yookan hanga ta'e akka kaffaltuuf sababa ta'u taasisuu mala.

## Puget Sound Energy

Puget Sound Energy (PSE) dhiyeessaa gaasi uumamaa magaalattiiti. Maqaa keeti akkaawuntii banachuu ni dandeessa. Waa'ee sagantaawwan kaffaltiidhan deeggaramanii PSE odeffannoo marsariitii isaatirraa ni qaba, **www.pse.com** dawwadhaa yookiin 1(888) 225-5773 **irratti bilbilaa.**

## Eegumsa Kaffaltii Fayyadama

Third Party Billing Ordinance(Dhiyeessii kaffaltii qaama sadaffaa) *magaalaattii* kireeffattoota tajaajila bishaanii, boolla bishaanii, balfa, ykn elektirikii mana jireenyaa keessatti kireessaa ykn dhaabbata kaffaltii kaffalan kan qamoolee yuunitii 3 fi isaa ol qaban ni eega. Odeeffannoo kaffaltii barbaachisu yoo hin arganne ykn kaffaltii sirrii hin taane kaffalaa jirra jettanii yoo yaaddan, jalqaba kireessaa keessan ykn dhaabbata kaffaltii kaffalu waliin haasa'uu qabdu.

Komiin miidhaa kan taasifamu:




**Office of the Hearing Examiner**
**Seattle Municipal Tower**
**700 5th Ave**
**Suite 4000**
**Seattle, WA 98104**

Qoratàa komii karaa (206) 684-0521 yookan iimeelii **Hearing.Examiner@seattle.gov** tiin qunnamuu ni dandeessu.

Waa'ee koodii caalmaatti bari:
**http://www.seattle.gov/Documents/Departments/HearingExaminer/ResidentialThirdPartyBillingQuestionsandAnswers.pdf**


## Kaffaltiin fayyadama kireeffattaa maal of keessatti hammachuu qaba?

Kireeffattoota muraasa keessatti, fayyadamama (akka bishaanii) kireessaadhaf kaffalta yookan dhaabbata dhiyeessuf, kallattiidhan fayyadamaaf kaffaluu irra. Third Party Billing Ordinance *magaalaattii* kireeffattoota tajaajila bishaanii, boolla bishaanii, balfa, ykn elektirikii mana jireenyaa keessatti kireessaa ykn dhaabbata kaffaltii kaffalan kan qamoolee yuunitii 3 fi isaa ol qaban ni eega.

Kaffaltiin fayyadama kireeffattaa maal of keessatti hammachuu qaba?

- Maqaa, teessoo, fi bilbila kireessaa yookan bakka bu'aa kaffalchiisaa qaama sadaffaa, kan tokkoon isaanii kireeffataadhaf yeroo tokko ergan.
- Tokkoon tokkoon kaffaltii adda addaa irratti hundaa'uun, akkaataa sararaafi maallaqa waliigalaatiin kaffaltii tajaajilaa fi kaffaltii yeroon booda kaffalamu dabalatee, yoo jiraate.
- Wantootni safartuu qabu yoo ta'e (kutaan kamuu kan safartuu mataa isaa qaba), dubbisa ammaa fi kan darbe, guyyaa dubbisaa isa ammaa, fi hanga fayyadamame
- Guyyaa kaffaltiin itti kaffalamu, guyyaa kaffaltiin yeroon itti darbe, hanga himannaa ykn adabbii yeroon booda kaffalamu kamiyyuu hojiirra ooluu danda'u, fi guyyaa himannaan ykn adabbiin yeroon booda kaffalamu akkasitti murtaa'uu danda'a.
- Hamma doolaaraa kan yeroon itti darbee
- Maqaa, teessoo ergaa, lakkoofsi bilbila gaafannaa kaffaltii fi wal dhibdee, yeroo hojii fi guyyaa hojii, fi  adeemsa wal dhibdee kaffaltii furuudhaf geggeffame
- Kafaltiin fayyadamaa yoo kophaa kophaatti ta'u, kireessitoonni dirqama: akkamitti kaffaltiin akka herreegamu fi kaffaltiin bakka beekamaa akkamitti akka raabsamu ibsuu qabu; akkasumas akkaataa jijjiirama kaffaltii haala naannoo; nagahee kaffaltii fayyadama kireeffattootaaf galagalcha kennuu qabu.





## Fakkeenyota Beekamoo Kaffaltii Fayyadamaa


Akkaataan kaffaltiin kee fayyadamaa itti kaffalamu waliigaltee kee irratti ibsamuu qaba. Fakkeenyotni muraasni akkaataa kireeffattootni fayyadama kaffaltii itti taasisanii kunoooti.

## Mana maatii qeenxee gaasii, ibsaa, fi bishaan/xuraa'aa/balfi kan kiraa keessatti hin hammatane taasisanii kireessuu.

**Ibsaa:** Kireeffattootni kaffaltii maqaa isaanitiin kallattiidhaan SCL dhaaf taasisu

**Gaasii:** Kireeffattootni kaffaltii maqaa isaanitiin kallattiidhaan PSE dhaaf taasisu

**Bishaan, Xuraa'aa, Kuusa balfa:** Kaffaltiin maqaa abbaa qabeenyaatin taasifama, garuu garagalchi kireeffataadhaf ergama, fi kireeffataan kallattiidhaan SPU dhaaf kaffalama





## Kutaa gamoo keessaa kan fayyadamamni kiraa keessatti hin hayyamamne.

**Ibsaa:** Kireeffattootni kaffaltii maqaa isaanitiin kallattiidhaan SCL dhaaf taasisu

**Bishaan, Xuraa'aa, Kuusa balfa:** Dhaabbatni qaama sadaffaa odeeffannoo SPU gamichaa irra jiru fayyadamuudhaan kutaalee gamicha irra jiran lakkoofsa namoota liizii irra jiran irratti hundaa'uudhaan proopoorshiniidhan ni qooda. Kireeffataan qooda kaffaltii isaan qaqqabee dhaabbata qaama sadaffaadhaf ni kaffala.



# YEROO KIREEFFATTUTTI


Si'i fi kireessaanis lamaan keessanuu mirgaa fi itti gaafatamummaa qabdu akka waliigaltee kiraatti, dambii magaalaa fi seera Naanno ni qabdu. Kanneen keessaa hedduun waan hubatamuudha fi qaamonni hunduu ilaalcha gaaridhaan waan hojjataniidha. Dabalataan, Seerri naannoo kireessan keessan waa'ee odeeffannoo Muummee Fayyaa kan boolla boba'aa fi odeeffannoo nageenyummaa ibiddaa isiniif kennuu akka qabu ni gaafata. Manni maatii guddaan karaa bahiinsaa yeroo balaa hattattaamaa itti bahamu waan agarsiisu qabaachuu qaba.

**Gorsa Dabalataa:** Kireessaa kee waliin hariiroo hojii qabaachaa akka jirtanii fi lamaan keessan iyyuu gochaa keessaniin miidhamuu akka dandeessan quba qabaadhu. Qajeelfamoota barbaachisoo kanneen hordofi.

- Waraqaalee barbaachisoo kanneen akka waliigaltee kiraa, tarree seensaa, fi Qajeelfama Kireeffattootaa keessan sirnaan qabaadhaa.
- Haasaa kee ifaa fi kabaja kan qabu taasisi
- Walqunnamtii Haasaawwaii barbaachisoo barreeffamaan qopheessaa.



# Dirqama Kireessaa



- Gamoo bocaa fi qabiyyee isaa eegi
- Suphaawwan yeroon taasisi
- Waan akka loobii, kortoowwanii fi karaa galmaa eeggadhu
- Bineelda too'adhu
- Agarsiistuu aaraa fi kaarboonmonoksaayidii hojjachiisi
- Cufaa fii furtuu seensaa cimaa taasisi
- Qabee balfaa, waan deebisanii fayyadamanii, fi hambaa nyaataa wal fakkaataa kenni



# Dirqama Kireeffataa

- Kiraa yeroon kaffaluun seera fi waliigaltee kiraa kee sirriti hordofi
- Waan kireeffatti qulqullinaan qabi
- Agarsiistuu aaraa fi kaarboonmonoksaayidii sireessi
- Mana kireeffatti keessatti waan seeran alaa fi balaa qabu ittisi
- Yeroo callisaa ilaali
- Ujummoowwan, ibsaa, fi haalli hoo'insaa sirnaan itti fayyaamaa.
- Balfa, waan deebi'ee fayyadamamu fi hambaa nyaataa sirnaan baasi

**Beekuun Gaariidha!**
Kiraa keessan karaa elektiroonikaatin kaffaluu hin dandeessan taanan kireessan keessan filannoo karaa biraa kan ittiin kaffaltan siniif kennuu qaba.

**Gorsa Dabalataa:**
Kaffaltii kiraa yeroo rawwattan nagahee fudhachuu mirga keessan waan ta'eef hin dagatinaa!

## Suphaawwan

Waliigalteen kiraa kee gaaffiiwwan suphaatif yookan yeroo rakkinaatti eenyu qunnamuu akka qabdu ifatti kaa'uu qaba. Waan suphaa barbaachisu yeroodhaan gabaasuun barbaachisaadha ta'uu baannan yeroodhaan gabaasuu dadhabuu keessaniin miidhaa gahuuf kaffaltii maallaqaa gaafatamuu dandeessu.

Seeronni naannichaa gaaffii suphaa barreeffamaan akka taasistu si gafatu. Galmee gaaffiiwwan suphaa keetii qabaachuun barbaachisaadha boodarra kireessaan itti akka gaafatamu gochuudhaf. Rakkinichi furuudhaf saffisa kenna taanan kireessaa keetti bilbiluus ni dandeessa, garuu barreeffamaan gaaffii kee taasisuu hin dagatin.

Kireessaan keessan:

- Yoo bishaan, ifaa, ho'ina yeroo bonaa, yookan rakkoon jireenyaa/nageenyaa yoo jiraate sa'aa 24 keessatti suphiinsa jalqabuu qaba
- Yoo meeshaalen manaa yoo hojjachuu baatanyookan ujummoon xuraa'aa baasu yookan kan mana dhiqannaa yookiin kan siinkiiyoo rakkoo qabaate sa'aatii 72 keessatti suphinsa jalqabuu qaba.
- Gaaffii suphaa biraatif guyyoota 10 keessatti suphinsa jalqabuu qaba.

Kireessan keesaan gaaffiiwwan suphiinsa keessanii yoo deebisu dide yookiin suphiinsa barbaachisu yoo gochuu dide, Sarara Gargaartuu (206) 684-5700 tiin qunnamuu ni dandeessu.

- Waan hatattamaa kan akka ibsaa yookan bishaanitiif qorataan guyyaadhuma sana yookan guyyaa hojii itti aanu ilaaludhaansana booda kireessaa keessan kallattiidhaan niqunnama
- Dhimmoota biroof, yeroo baay'ee guyyoota hojii shanii hanga kudhanii keessatti, inspeektarichi sarbamni mana jireenyaa jiraachuu fi dhiisuu isaa qorachuuf isin waliin beellama ni qabata.
- Sana booda inspeektarichi beeksisa kireessaan suphaa akka raawwatu qajeelchu ni qopheessa

Yoo tarii kireessaan keessan suphaa hin taasisin yookan gaaffi keef deebisaa hin kennin kaffaltii kiraa qabachuun sirri isinitti fakkate, akkas gochuun hin gorfamu. Residential Landlord Tenant Act(Seerrii Kireessaa Kireeffataaa Mana Jireenyaa) Mootummaa naannoo suphaa fi hir'ina kireeffattootaaf furmaata irratti kan mari'atu ta'us, kireessaan kaffaltii dhabuu isaatiin kireeffataa baasuu filachuu waan danda'uuf kiraa dhorkuun adeemsa baay'ee adda ta'ee fi balaa guddaa qabu dha. Sarara gargaartuu (206) 684-5700 irratti bilbiluudhan Magaalattiitti komii keessan dhiyeeffachuu akkasumas wanta mirga kiraa manaa keessan balaadhaaf saaxiluu danda'u kamiyyuu fayyadamuu keessan dura abukaatoo seeraa mariisisaa.

# Namoota Wajjiin Galtan Dabalachu



Manni jireenyaa Siyaatil qaala'aa ta'uu waan danda'uuf bakka gatii madaalawaa ta'een mana jedhanii waamu argachuun qormaata jabaa ta'uu danda'a. Baasii mana keessanii tarii isinitti ulfaata taanan nama biraa kan isin wajjiin jiraatu ofitti dabaluu ni dandeessu.

Yeroo nama haaraa wajjin jiraattan dabaltan of eeggannoo godhaa, sababni isaas yoo akka gaariitti hin deemne ta'e booda isaan baasuun walxaxaa fi rakkisaa ta'uu danda'a. Yaadadhaa, namni kiraa manaa kaffalu hundi waliigaltee kiraa manaa irra jiraatus jiraachuu baatus mirga qaba.

Dabalataanis, kireessaan keessan nama wajjin jiraattan baasuuf yoo murteesse, kireffannaan keessan balaadhaaf saaxilamuu danda'a. Nama galchuu barbaadda taanan kireessaa kee wajjiin dubbachuun gocha gaariidha.

Kan ati dabaluu dandeessu:

- Maatii kallattii
- Nama qeenxee maatii hin taane dabalataan
- Maatii kallattii nama sitti dabalamee
- Nama biraa kamiiyyuu kan kireessaan kee itti waliigaluun
- Sadarkaa hamma waliin jireenyaa irra kan hin caalle

## Maatiin dhiyoo kan bal'inaan of keessatti hammatu:

Haadha mana, abbaa manaa, kaadhimaa manaa, jaarsa yookan jaartii duraanii, kaadhimaa manaa duraanii, nama ga'eessa gaa'elaan walitti firoome, obboleeyyan, nama waggaa 16 yookan sanaa olii kan amma wajjiin jiraattan yookan kan dur wajjiin jiraachaa turtan yookan kan hariiroo waliin qabaachaa turtan, yookan nama hariiroo ilmaan walitti qabdan, haadhaf abbaa, haadha xiqqaaf abba xiqqaa, akkoota, maatii dhaalaa, eegduwwan, guddistoota, yookan kanneen quxisuu isaanii guddisan.

Akka hiikkaa kanaatti, "hariiroo kaadhimamummaa" jechuun hariiroo hawaasaa kan wal jaalachuu jechuudha. Ulaagaaleen manni murtii hariiroon gaa'ilaa jiraachuu isaa mirkaneessuuf ilaalu kan hammtu: (a) hanga yeroo waliin turanii; (b) uumama hariiroo sanaa; (c) isaan jidduutti haala wal itti argaa turan of keessatti kan hammatu ta'a.

Nama ofitti dabaluudhaaf tarkaanfiiwwanii fi yeroon ati eeggachuu qabdu jira. Nama mana keetitti galtee wajjiin jiraachuu jalqabdee guyyoota 30 keessatti kireessaa kee beeksisuu qabda. Kireessaan kee ulaagaa iyyata jalqabaa irratti siif qorannoo taasiseen nama haaraa ati dabaltuufis qorannoo taasisa.

- Namni wajjiin galtan maatin ala taanan (a) ni qoratama akkasumas (b) qorannoo irratti hundaa'un akka hin jiraanneef dhoorkamuu ni danda'a
- Maatii hatattamaan (a) ni qoratama fi (b) jiraachuudhaaf dhoorkamuu hin danda'u. Akkaataa *Rental Agreement Regulation Ordinance* SMC 7.24(Qajeelcha Dambii Waliigaltee Kiraa SMC 7.24) fi keeyyata kireessaa fi kireeffataa naannootiiin kaffaltiin qorannoo ni heyyamama.
- Kireessaan namni wajjiin galtan maatiidhaan ala taanaan waliigaltee kiraatti makuudhaaf beeksisa barreeffamaa guyyaa 30 keessatti gaafachuu ni danda'a.
- Namni wajjiin jiraachuuf jettan guyyoota 30 keessatti waliigaltee kiraatti hin makaman taanan, guyyoota 15 keessatti bahuuf dirqama qabu. (Dimshaashatti guyyoota 45)
- Maatiin dhiyoo waliigaltee kiraa manaa irratti akka makaman dirqama ta'uu fi mana jireenyaa dhorkamuu hin danda'an.

Gatii qorannootin ala, miseensa maatii haaraa galaa jiruuf kaffaltiin biroo haaraan hin gaafatamu. Ittin bulmaatni waliigaltee kiraa kan biroo akkuma jiranitti ta'u.



# Beeksiisa Kireessaa Kee Irra



Beeksisootni gosa adda addaa kireessaa kee irraa sitti dhufu, muraasni kan biroo irra jarjarsuudhan ta'uu malu.


- Beeksisa barreeffamaa kireessaa kee irraa gaafadhu fii xiyyeeffannoo itti kennuun barbaachisaadha. Kallattiidhan keessa deebin ilaalii tarkaanfii barbaachisaa ta'e hatattamaan fudhu.
- Beeksisni waa gochuun barbaadu yeroo hedduu yeroo dangeffamaa kennameef qaba. Yeroodhan deebii kennuu rakkoo cimaa fida, kan akka buqqifamuu fa'a:
- Yaadachiisni kireessaa kee irraa sitti kennamu seera Magaalaa guutuu qaba.
- Beeksisa mirgoota kireeffataa miidhu, kan akka:
    - Beeksisa adda kutiinsa, dhiisuu, waliigaluu fi/yookan bahuu
    - Beeksisa gatii manaa dabalu (kan akka kira fi kkf)
- Beeksisni seenamu kamuu afaanota armaan gadii hammachuu qaba:

Odeeffannoo waa'ee mirgoota keessanii akka kireeffataatti jiru hubachuudhaf gargaarsa kan barbaadda taanan, Sarara Gargaarsa Kiraa Siyaatil irratti (206) 684- 5700 bilbilaa yookan marsaritii **www.seattle.gov/rentinginseattle** daawwadhaa.

- Beeksisni akka yaalii kireeffataamummaa adda kutuu kan akka Guyyaa 14 Keessatti Kaffaluu ykn Bahuu, Guyyaa 10 Keessatti Waliigaluu ykn Bahuu fi kkf, dirqama afaanota armaan gadii hammachuu qabu.

MIRGA GORSAA SEERAA: SEERRI MAGAALAA KIREEFFATTOOTA ABUKAATOOF KAFFALUU HIN DANDEENYE FALMII BUQQA'IINSAA KEESSATTI BAKKA BU'UMMAA SEERAA BILISAA ARGACHUUF MIRGA NI KENNA.





*SEATTLE MUNICIPAL CODE (SMC 7.24.034)*

**KAFFALTII beeksisaafi kiraa barfatee**

*Gara: Kireeffattootaa fi Kireessitoota magaalaa Siyaatil jiraataniif*

**Waxabajjii 6,2023 irraa eegalee yaadachisa seera haaraa kireessitoota hundaaf kenname**

Beeksisa qopheessuuf kaffaltiin hin heyyamamu

Beeksisa qaqqabsiisuuf kaffaltiin hin heyyamamu

Kaffaltiin kiraa yeroon booda kaffalamu ji’atti $10 caaluu hin danda’u

*Odeeffannoo waa’ee mirga kireeffataa keessaniif, Renting in Seattle Kiraa Siyaatil keessaa (206) 684-5700 irratti bilbilaa yookiin marsariitii* ***www.seattle.gov/rentinginseattle*** *daawwadhaa.*

Waxabajjii 2023 irraa eegalee kireessaan keessan beeksisa qopheessuu ykn geessuuf kaffaltii isin irraa kaffaluu hin danda’u, kaffaltiin yeroon booda kaffalamus ji’atti $10 ta’a.

Beeksisich ilaaluuf gargaarsa yoo barbaaddan Sarara Gargaarsaa (206) 684-5700 irratti bilbilaa. Akkasumas odeeffannoo waa'ee tajaajila seeraa tolaa yookan gatii xiqqaatif 2-1-1 irratti bilbili. Kutaan itti aanu gosoota beeksisa baay’ee beekamoo ta’an irratti mari’ata.

## Beeksisa Daballii Gatii Mana

"Gatiin Manaa" kiraa fi kaffaltiiwwan ji'aa kireessaadhadf kaffalamu, kan akka kuusaa fi iddoo dhaabbii fa'a hammata. Kaffaltiin fayyadamamaa kan akkaataa itti fayyadamaa irratti hundaa'an kana keessatti hin hammataman. Yoo tanaan dura kaffaltii tajaajilaa kaffaltanii, garuu jijjiiramni yoo jiraate fakkeenyaaf dhaabbata kaffaltiirratti jijjiiramni yoojiraate, kireessaan keessan haala kiraa keessan jijjiiruuf beeksisa guyyoota 30 siif kennuu qaba.

Liizii yeroo murtaa'ee qabaatta taanan, kireessaan gatii manaa keetii yeroo kanaa jijjiiruu hin danda'u. Yoo waliigalteen kee xumura marsaa yeroo sana booda carraa kireeffataa ji'a ji'aanii siif kenna yoo ta'e, fi kireessan kee yeroo sanatti baasii manaa kee dabaluu barbaada taanan, kireessan dirqama yeroon isaa xumuramuu dura daballii gatiitif beeksisa siif kennuu qaba.

- (1) Daballiin gatii mana jireenyaa hundi yoo xiqqaate guyyoota 180 dursuudhaan beeksifamuu barbaachisa.
- Beeksisichi waa'ee mirgaa fi odeeffannoo kireeffataa afaan barbaachisu (fuula 36 ilaalaa) of keessatti qabachuu qaba
- Beeksisni daballii sirrii ta'uu isaa ilaaluuf Sarara Gargaarsaa (206) 684-5700 irratti bilbilaa. Maallaqa kiraa haaraa kana kaffaluun daballii kanaaf walii galuu keessan agarsiisuu danda'a.
- Daballiin yeroo kiraan jalqabuu wajjin walsimuu qaba. Kiraan keessan gaafa 1 kan gahu fii kireessaan keessan immoo gaafa januwarii 5 beeksisa guyyaa 180 isiniif kenna taanan, daballiin kun ulaagaa guutudhaaf gaafa Hagayya 1ffaa hojirra akka oolu taasifama.
- Yoo kutaan kiraa keessan *Rental Registration and Inspection Ordinance (RRIO) hin eegne, daballiin* hin heyyamamu. **www.seattle.gov/rrio** ilaalaa. Dabalaan sun hojiirra ooluu isaatiin dura barreeffamaan kireessaa keessan beeksisuu fi sarara gargaarsaa qunnamuu qabdu.

## Economic Displacement Relocation Assistance ordinance (EDRA)

Maatiin kireeffattoota galii argachuuf ulaagaa guutan (AMI waggaatti sirreeffame %80 ykn isaa gadi) baasii mana jireenyaa isaanii waggaa tokko keessatti %10 fi isaa ol kan dabale, socho'uuf gargaarsa jijjiirraa argachuuf ulaagaa guutuu qabu.

| Miseensa Maatii | 1. | 2. | 3. | 4. | 5. | 6. | 7. | 8. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Galii | $70,650 | $80,750 | $90,850 | $109,000 | $117,050 | $125,150 | $133,200 | $125,800 |

- Maatiiwwan ulaagaa guutan beeksisa daballii gatii gaafa Adooleessa 1, 2022 (ykn sana boodaa) qabaachuu qabu.
- Daballiin 10% daballii qeenxee ykn daballii waliigalaa kan ji'a 12 keessatti hojirra ooluu ta'uu mala.
- Gargaarsi bakka jijjiirrannaa tilmaamaan gatii manaa 3x kan ta'uu fi jiraattota ulaagaa guutaniif Magaalattiin kan mirkanaa'udha.
- Caalmaatti baruudhaaf ykn Economic Displacement Relocation Assistance ordinance (EDRA, Qajeelcha Gargaarsa Ikoonomii Iddoodhaa Buqqaa'an Iddootti Deebisuu) tti iyyachuuudhaaf www.seattle.gov/rentinginseattle/edra ilaali ykn intarneeta hin qabdu taanan saraa gargaarsaatti bilbili.

## Beeksisa Jijjiirama Haalota Waliigaltee Kiraa

Waliigaltee kiraa mallatteessitanittu taanan, haalotni waliigaltee yoo isinii fi kireessan keessaan waliigalta malee hanga yeroon xumuramutti hin jijjiiraman. Waliigaltee kiraa ji'a ji'aanii qabda ta'e malee, yeroon kiraa itti aanu gahuu guyyoota 30 dura kireessaan haalota jijjiiruu ni danda'a.

Fakkeenyota muraasa tareessudhaaf jijjiiramootni seerota aaraa, keessummootaa, yookan bineeldaa hammachuu danda'a. Jijjiiramni gatii baasii manaa kee irratti daballii taasisu kamiiyyuu ulaagaawwan beeksisaa daballii baasii manaa guutuu qabu. Reeshiyoo galii gara kiraa dabalataaf 38 irraa ilaalaa.



## Beeksisa Hayyama Seensaa

Waliigalteen kiraa kee manicha irratti too'annoo akka qabaattuf mirga siif kenna. Kana jechuun haala ariifachiisaa ta'e keessatti malee kireessaan mana kee seenuu hin danda'u jechuudha. Kireessaan suphaa, sakatta'iinsa, yookan kireeffattoota yookan kontiraaktaroota dhufuu danda'aniitti agarsiisudhaaf mirga gaafachuu qaba. Kireessaan keessan:

- Suphaa ykn sakatta'iinsa waliigaltee irra ga'amee ykn barbaachisaa ta'eef yoo xiqqaate beeksisa guyyoota 2 (yoo xiqqaate sa'aatii 48) kennuu qabu.
- Kuticha agarsiisudhaaf yoo xiqqaate beeksisa guyyaa 1 (yoo xiqqate sa'a 24 kennuu qaba

Beeksisni hayyama seenichaa kan hammachuun isarra jiraatu:

- Guyyaa kireessaan dhufuuf karoorfate
- Sa'aatii yoo barfate fii yoo turan itti qaqqabuu danda'an
- Yeroo biraa sagantaa qabaachuu yoo barbaadan lakkoofsa bilbilaa ittiin bilbiltan

Yoo guyyaa fi yeroon kireessaan kee akka ilaaluuf siif kan hin mijanne fi sababa sirriitii ta'e qabda taanan, yeroo fii guyyaa siif mijatu kan siif sirrii ta'e kennuu qabda. Sababoonni sirrii ta'an yeroo sanatti taatee maatii mana keessatti karoorfame qabaachuu keessan, ykn yeroo isin achitti argamuu barbaaddanii fi hojii irraa boqonnaa fudhachuuf beeksisa dabalataa isin barbaachisu danda'a.

Kireessaan keessan yoo isin qaqqabummaa madaalawaa ta'e kennuu dadhabdan Beeksisa Guyyoota 10 isiniif kennuu danda'a.

**Gorsa Dabalataa:**
Seerri qaamonni lamaanuu akka sababa qabaatanii fi wal hubannaadhan taasisan barbaada. Isinii fi kireessaan keessan walqunnamtii ifa ta'ee fi kabaja qabu qabaachuuf carraaqqii hunda gochuu qabdu. Mana seenuuf fedhii nama biraa hubachuu, fi sababa waliigaltee argachuu, yeroo fi haala seenicha hubachuun barbaachisaadha. Yaalii gochaa turuu kee agarsiisudhaaf haasaa keef ragaa qabaachuu kee mirkaneeffadhu.

Yeroo hatattamaatti, kireessaan mana beeksisa malee seenuu ni danda'a. Fakkeenyi yeroo hatattamaa kanneen armaan gadii dabalata:

- Ujummoon guddaa cophuu
- Ibidda





- Sakatta'iinsa fayyaa poolisii mirkaneessa kireeffataa (kan kireessaan qondaaltonni kutaa sanaa akka seenan akka heeyyamu gaafatu)




Yoo haqameera ta'e, beeksisanii, yaalii irra deddeebisaa booda, fii ragaan guutuun kanaa yoo kan jiraatu akkasumas deebisaa hinta'u jedhu hin arganne taanan seenuu ni danda'u.

Ragaan jiraachuu dhiisuu kee agarsiisu kanneen armaan gadii keessaa lama yookan isaa ol haammata yoo ta'e:

- Kireessaan kaffaltii kiraa hin fudhanne taanan
- Ergaan kee hin ilaalamne taanan
- Fayyadamni kee akka hinkaffalamneef adda citeera taanan





## Beeksisa Seera Guutuu yookan Dhiisanii Bahuu (Guyyoota 10)

Kireessaan yoo ati waliigaltee kiraa dabarteerta ta'e beeksisa guyyaa 10 fayyadamuu danda'a. Fakkeenyi kan hammachuu danda'u:



- Kutaa/gamoo keessatti hin aarfamne keessatti aarsu
- Yeroo bineeldi hin hayyamamnetti bineelda qabachuu
- Yeroo callisaatti jeequmsa sagalee guddaa uumu

Beeksisichi waliigaltee kiraa darbuu keetiif maal akka hojjatte fi beeksisichaaan maal gochuun akka sirra jiraatu ifatti ibsuu danda'uu qaba. Guyyaan 10 kan itti sireessuudhaaf siif kennamu guyyoota xumura torbaniis dabalata.

- Beeksisni guyyoota 3 fi 10 olii yeroo ji'a 12 keessatti kennamu kiraa ji'a ji'aan addaan kutuuf ykn liizii haaromsuu dhabuudhaaf sababa ta'a.

## Beeksisa Kaffaluu yookiin Bahuu (Guyyoota 14)

Yoo kaffaltiin kiraa, fayyadamamaa, yookan dabaree kan turu ta'e kireessaan beeksisa guyyaa 14 fayyadama. Beeksisa gosa kanaa keessatti kan hayyamamu kana qofaadha. Waan sirra jiru kaffaluudhaaf yeroo muraasa qofatu siif kennama.

- Yeroo siif kenname keessatti kaffaluudhaaf waan danda'ame hunda gochuu qabda.

- Kiraa kee yeroodhaan kaffaltuu akka hin dandeenye ta'e, kireessaan kee dursee akka beeku taasisuun baayyee gaariidha. Kireessaan keessan karoora kaffaltii irratti walii galuu ni anda'a, yoo ta'uu baates wanti hamaan kan ta'uu danda'u kireessaan keessan lakki jechuu isaati.

- Kiraa manaa keessan kaffaluuf gargaarsa yoo barbaaddan, tarree gargaarsa kiraa manaa argachuuf 2-1-1 irratti bilbilaa. Waadaawwan fuula 42 irraa ilaalaa Qaama sadaffaa irraa gargaarsa maallaqaa tokko tokko argachuu yoo dandeessan, yeroo xiqqoo dabalataa isiniif kennuu ni danda'a.

- Beeksisni guyyoota 4 fi 14 olii yeroo ji'a 12 keessatti kennamu kiraa ji'a ji'aan addaan kutuuf ykn liizii haaromsuu dhabuudhaaf sababa ta'a.

### Gorsa Dabalataa:

Waliigaltee kiraa kee irratti gaafa guyyaan kiraa ga'u sirritti ilaali. Kiraan yeroo hedduu jalqaba ji'aa irratti ta'a. Gaafa guyyaa sadaffaa ykn shanaffaa irratti barfannaadhaf gaafachuun waan barataamdha. Kana jechuun "yeroo siif eeyyamame" qabda jechuu miti akkaataa kireeffattootni hedduun dogongoraan itti hubatan. Hanga sanatti kaffaltii barfannaa hin kaffaltuu jechuudha. Walakkaa halkanii gaafa guyyaa kiraa gahe irraa jalqabee yeroo kamittuu beeksisa guyaa 14 siif kennamuu danda'a. Kaffaltii yeroon irra darbe ful. 37 ilaalaa

## Beeksisni balfa haabuuf ykn sochiin yakkaa akka dhaabbatuuf (guyyoota 3).

Haala baayyee hamaataa ta'e keessatti kireeffataan beeksisa guyyaa 3 fayyadama, yoo qabeenyicha irratti miidhaan yookan barbadeessuun cimaan mana kireeffatte irratti kan ga'u ta'e. Beeksisa kanaaf fayyini hin jiru; ittiin bulmaati jiru tokkichi bahuu dha yookan abukaatoo adeemsa seeraa irratti si iitisu qunnamuudha.

Gocha yakkaa raawwateef kireessaan beeksisa Seattle Department of Construction and Inspections (Muummee Ijaarsa fi Sakatta'iinsaa Seattle) irraa siif kennuu qaba. Beeksisni akkasii haalota jiru wajjiin kan wal qabatu ta'uun isaa ragaa ifaa ta'e qabaachuun barbaachisaadha.

## Beeksisa Sababaan Kireeffatummaa Addaan Kutuu

Siyaatil keessatti sababootni itti kireessaan waliigaltee kiraa kee kan ji'aa ji'atti kaffalamuu itti addaan kutu ni jira. Yeroon beeksisaa barbaachisu sababa haqa qabeessa adda ta'e irratti hundaa'a.

Ta *Just Cause Eviction Ordinance* kutaa 'Bahiinsaa' jalatti fuula 46 irratti ibsameera.



## Beeksisa Fedhii Gurgurtaa

Abbootiin qabeenyaa kan manneen lama ykn sanaa ol kiressaan, kan yoo xiqqaate kutaan tokko 80% AMI (jiddugaleessa galii) tti kireeffame, gurgurtaa gamoo taasisuu dura yoo xiqqaate gurgurtaadhaf yaadaa kan jiran ta'uu Seattle Office of Housing tti guyyaa 90 dura beeksisuu qabu.

Magaalattiin, Seattle Housing Authority fi dhiyeessitoota hawaasaa wajjiin ta'uun, manneen qorachuudhaaf odeeffannoo kenname fayyadmu akkasumas meeshaalee eeggumsa qabeenyichaa, kennaa fi bittaas dabalatee.

Kuni kireeffattoota tarii kiraadhan miidhamaniif beekisa kennuu dabalata.

Odeeffannoo dabalataaf **www.seattle.gov/housing/intent-to-sell** dawwadhaa.

## Waadaa Gargaarsa Kiraa

Yoo kiraa utuu hin kaffalin barfattan guyyaa 14 keessatti akka kaffaltan yookiin akka baatan gaafatamtan, kireessaan keessan dirqama kaffaltii waliigaltee qaama sadaffaa irraa fudhachuu qaba. Qaamni sadaffaan bataskaana yookiin qaama tola ooltummaa ta'uu danda'a.

- Waadaan barreeffamaan ta'uu qaba
- Beeksisni guyyoota 14  osoo hin xumuramin dura waadaan fudhatama argachuu qaba.
- Maddichi waadaa guyyoota 5 keessatti kaffaluu danda'uu qaba
- Maddi kireessaa kaffaltiidhaaf odeeffannoo kennuu malee waan biraatiif waadaa galchuu hin qabu
- Kaffaltiin baasii hundi ofuma isaatiinis ta'e madda galii ykn deeggarsa biroo waliin walqabatee yeroo ammaa akka ta'u kan dandeessisu gahaa ta'uu qaba.

**Beekuun Gaariidha!**

Seeronni naannichaa dabalataa kan kireessaan waadaa waliigaltee gargaarsaa utuu beeksisni guyyoota 14 hin xumuramin itti fudhatu kan kallattiin adeemsa seera kan buqqisuu itti hordoftu ni jira Eeggumsi kuni Magaalaadhan hin ajajamu. (Revised Code of Washington (RCW, Seera Waashingitan Fooyya'e) 59.18.410 ilaali)

## Eeguumsa Miidhaa Mana Keessaa

- Kireeffattootni miidhaan mana keessaa isaan irra gahe miidhaa mana qabeenyicha nama isaan miidhen gaheef gaafatamummaa hin fudhatan.
- Kireeffataan  ykn namni isaan wajjiin jiraatu miidhaan mana keessaa isaanirra gahuu fi miidhamni qabeenyichaa nama rakkoo geessiseen uumamuu ragaa kireessadhaaf dhiyeessuu qabu.
- Sanadoonni qaama 3ffaa ulaagaa guutan- Qajeelcha Poolisii Siyaatiliin, Ogeeyyii fayyaa sammuu heeyyama qabaniin, eegduuwwan sagantaa miidhaa mana keessaan, abbootii amantaatiin, hoggantoota dhimmaa tajaajila hawaasaatin mallattaa'uu qabu.



# BAHIINSA

Waliigalteen kiraa hedduun yoo dhiistee bahuu kan barbaaddu ta'e nama manaa siif kireessetti himuu akka qabdu himu. Kireeffataa kaaffaltii kiraa ji'a ji'aanii yoo taatan, ji'a gadhiistanii bahuu yaaddan xumuramuunsaa dura yoo xiqqaate guyyoota 20 dursitanii kireessaa mana isiniif kireesseetti barreeffamaan ibsuu qabdu. Fakkeenyaaf, Adoolessa 31 tti bahuu barbaada yoo ta'e, namichi mana siif kireesse yaadachiisa kee yoo xiqqaate Adoolessa 11 dura kennamuufii qaba.

Yaadadhu, beeksisa sirrii hin kennine yoo ta'e, kiraa ji'a itti aanuu kaffaluudhaaf dirqamuu dandeessa.







Kireessaan kee beeksisa waliigaltee kiraa kee addaan kutuu tasa siif dhiyeessa taanan, hatattamaan keessa deebi'ii ilaali. Beeksisootni Magaalaa Siyaatil keessatti kennaman seerota magaalattiin kan wal simatan ta'uu qabu. Beeksisa keessan ilaaluuf gargaarsa yoo barbaaddan, sarara gargaarsaa (206) 684-5700 irratti bilbilaa.

- Kireeffataa ji'a ji'aa yoo taatan ykn liizii kallattiin gara waliigaltee ji'a ji'aatti jijjiiramu yoo qabaattan, kireessaan sababa sirrii kiraa sana addaan kutu isiniif kennuu qaba.
- Waliigaltee liizii addaan kutu yoo qabaattan, kireessan guyyaa xumuraa guyyoota 60-90 dura dhiyeessii haaromsaa madaalawaa isiniif dhiyeessuu qaba ykn haaromsi maaliif akka hin taaneef sababa haqa qabeessa ta'e kennuu qaba.

**Beekuun Gaarii dha**
kireessaan mana isaanii qooddatan ykn kireeffattoota isaanii wajjin qabeenya tokkorra jiraatan beeksisa guyyoota 20'n kiraa ji'a ji'aan addaan kutuuf sababa qofa kan qaban yoo ta'u, yeroo yeroon isaa xumuramu liizii haaromsuu diduu danda'u.

## Just Cause Eviction Ordinance

*Just Cause Eviction Ordinance* Seattle kireeffataan akka miidhaan irra hin geenye eeggumsa taasisaaf. Kireessaan liizii ji'a ji'aanii keessan addaan kutuuf ykn liizii keessan haaromsuu diduudhaaf sababa seera qabeessa ykn *sababa haqa qabeessa* akka qabaatan gaafata. Kireessaan keessan dirqama beeksisa barreeffamaa kan *Notice to Terminate Tenancy (Beeksisa Kiraa Addaan Kutuu)* jedhamu kan sababa ibsu isiniif kennuu qaba. Hammi beeksisaa sababa quubsaa irratti hundaa'a. Kuni kan hin taane yoo ta'eef, yoo xiqqaate yeroon kiraa xumuramuu dura beeksisa guyyoota 20 tu barbaachisa. Kanneen armaan gadii sababa adda kutiinsaa kireessan keessan waliigaltee kiraa keessan ji'a ji'aanii adda kutuuf itti fayyadamu qofaadha.

- Tursiisa kaffaltii kira: akka kaffaltuuf guyyooti 14 siif kennamee guutuu yoo kan dadhabdu ta'e.
- Deddeebiidhan kaffaltii kiraa yeroon kaffaluu dhabuu Beeksisa yeroo 4 yookan guyyaa 14 isin qaqqabeera yookan yeroo dhihoo ji'a 12 keessatti akka baatu sitti himameera taanan.
- Dambii walii galtee kiraa kee cabsuu: Waliigaltee kiraa kee wajjin akka waliigaltuuf yookan akka sirreessituuf beeksisa guyyaa 10 si qaqqabeera yoo ta'e.

- Bartee waliigaltee kiraa wajjiin walii galuu dadhabuu. Waliigaltee kiraa guuchuu dadhabuu keetiim beeksisa yeroo 3 yookan guyyaa 10 si qaqqabeera yookan yeroo dhihoo ji'a 12 keessatti akka baatu sitti himameera.

- Kireessaan kee yookan miseensi maatii kallattii gara kutaa keetti galuu fedha. Kuni beeksisa guyyaa 90 barbaada. Kireessaan keessan sababa haqaa kana yoo fayyadaman fi yeroo isin baatan kutaa keessan dhuunfachuuf ykn miseensa maatii gahumsa qabu gara keessa galchuuf akka hin yaadne yoo shakkite Magaalattiin mirkaneessuuf (ibsa kakaa mallatteessuu) kireessaaa keessan gaafachuu ni danda’a.

- Kireessaan kee kutaa ati kireeffatte gurguruu barbaada. Kunis beeksisa guyyoota 90 kan barbaadu yoo ta’u, kutaalee mana jireenyaa maatii tokko qofa kan ilaallatuu fi, seera Magaalaatiin caasaa adda baafamee kan kutaa mana jireenyaa tokko of keessaa qabu jedhamee ibsameera. Yoo mana kondominiyeemii, appaartimantii, manlamee wal irraa, man sadee, yookan mana magaalaa keessa jiraatta taanan kireessan kee kana akka sababaatti fayyadamuu hin danda'u.

- Turtiin kee qabeenyichairraa irratti qacaramuu fii adda cituu qacarrii kee irratti hundaa'a. Kuni keessattuu hoggantoota qabeenyaa naannicha jiratan irratti hojjata.

- Kireessaan kee kutaa mana isaanii yookan wantoota mana isaanii dhuunfaa keessa jiru siif kireessuu akkasumas si wajjiin jiraachuu dhiisuu danda'u.

- Kireessaan kee manicha bifa jijjiiruu yookan boca jijjiiruun dhaabbiidhaan mana ala si yoo si taasise. Kuni kireessaan kee hayyama jijjiirraatif Magaalaatti iyyata akka galfatu barbaadama kunis tilmaaman adeemsa ji'a 6 ti. Ulaagaan hayyama jijjiirraa odeeffannoo siif kennuu fi gargaarsa bakka jijjiirrachuu dabalata galiin kee 50% galii giddugalaa King Country ta'a taanan.

- Kireessaan kee qabeenyicha iddoo ati jiraattuu diiguu yookan gara bakka jireenyaaf hin taaneetti jijjiiruu barbaada. Kuni akkuma manicha bifa jijjiiruutti hayyama bakka jijjiirraa baafachuu barbaachisa. Olitti ilaali.

- Kireessaan kee gamicha gara bakka jireenyaaf hin taaneetti jijjiiruu barbaada. Kuni akkuma manicha bifa jijjiiruutti hayyama bakka jijjiirraa baafachuu barbaachisa. Kan armaan olii ilaali.

- Kireessaan kee kutaa ati jirattu gara kondomoniyeemiitti jijjiiruu barbaada. *The Condominium Ordinance (Akkaataa Qajeelcha Jijjiirraa Kondomiiniyeemii)* SMC 22. 903. 030 fi SMC 22.903.035 jalatti jijjiiramni kun adeemsaa fi *Co-operative Conversion Ordinance (Qajeelfama Jijjiirraa Gamtaa)* SMC 22. 903. 930 barbaada.
- Kireessaan kee sadarkeessa manneenii wantoota fayyadamaaf hayyamaman irratti komiin waan isa qaqqabeef kireessuu dhaabu fedha. Kireessaan dirqama gargaarsa bakka jijjiirraatiif hanga $2,000 tti yookan waan kiraa ji'a 2 qixxaatu bahuu keessan torbanoota lama dursuun isiniif kaffaluu qaba.
- Kireessaan keessan fayyadama kutaa kan hin heyyamamne yeroo hedduu "kutaa seeran alaa" jedhamuudhan kan beekamu waan dabarteef dirqama kiraa addaan kutuu barbaada. Kireessaan dirqama gargaarsa bakka jijjiirraatiif hanga $2,000 tti yookan waan kiraa ji'a 2 qixxaatu bahuu keessan dursuudhaan isiniif kaffaluu qaba.
- Kireessaan kee daangaa seeraatti buluudhaf lakkoofsa kireeffattootaa hir'isuu qaba. Kuni beeksisa guyyaa 30 fi dirqama gargaarsa bakka jijjiirraa hanga $2,000 tti yookiin waan kiraa ji'a 2 qixxaatu bahuu keessan dura torbanoota 2 dura isiniif kaffaluu gaafata.
- Kireessan kee ajaja hatattamaa kana sababa haala rakkoo qabaachuu naannoo irraa kan ka'e mana kee akka duwwaa taasisu ajajame. Yeroon beeksisaa haala rakkoo addaa naannichatti uumamee irratti hundaa'a, garuu yeroo hedduu turtii muraasaafi. Rakkoon uumame itti gaafatamummaa kireessaa ilaallatutaanan gargaarsa bakka jijjiirraa ni argattu. Gargaarsi bakka jijjiirannaa baasiii jireenyaa kan waggaa wajjiin qoodama.
- Kireessaan keessan gochaalee yakkaa keessatti hirmaachuu keessaniif *3 Day Notice to Quit (Beekisa Guyyaa 3 Keessatti adda Kutu)* isiniif kenna. Kireessaan kee hirmaannaa yakkaa kan ati ittiin shakkamte ibsuu fii ragaalee shakkicha gargaaran akkasumas garagalcha isaa Magaalachaaf kennuu qaba.

**Beekuun Gaariidha!**

Mirgooti kan sababaa hin dhiifaman. Waliigalteen kiraa akkasitti yaalamu kamiiyyuu hojirra hin oolu.

Kireessaa keetis *Just Cause Eviction Ordinance* waliigaltee kee adda kutuudhaaf sababa irratti hirkachuun qofti gahaa hin ta'u fii itti fufuudhaaf hin ta'uf taanan, kana jechuun manicha galuu ta'uu baatus, gurgurtaadhaf kan tarraa'u miti, fi kkf. Adabbii mallaqaa fi adabbiin hojirra oola, fi kireeffattootni mirga $2,000 Kufaatii Mana Murtiitti gaafachuudhaf mirga qabu.

Beeksisni kiraa manaa addaan kutuuf kennamu afaan adda bahee (fuula 36 ilaali) fi odeeffannoo of keessatti qabachuu qaba. Beeksisni isin qaqqabeera taanan, Sarara Gargaarsaa (206) 684-5700 tti bilbiluudhaan sirrii ta'uu isaa adda baafadhaa.

# Ittisa Buqqisa

## Buqqa'iinsa Bonaa

Dambiin ittisa buqqisuu yeroo gannaa kun kireeffattoonni Siyaatil keessatti saaxilamoo ta'an ji'oota qilleensa qorraa ta'an keessatti mana akka hin dhabne eeguuf. Muddee 1 fi Amajjii 1 gidduutti maatiin galii giddu galeessaa qaban kanneen armaan gadii irraa kan hafe ittisa buqqa'insaa kana irratti fayyadamuu ni danda'u:

- Kireessaan Magaalaa Siyaatil keessaa manneen kiraa afurii gadi qaba.
- Abbaan qabeenyaa yookiin miseensi maatii isaanii kan dhiyoo manichatti galuu barbaada yoo ta'e
- Abbaan qabeenyaa manicha gurguruu yoo barbaade
- Magaalattiin Abbaan qabeenyaa waliigaltee kiraa akka addaan kutuuf(sababa quubsaadhaaf) yoo gaafatte. Yeroo tokko tokko, kireeffattonni buqqa'an kaffaltii gargaarsa jijjiiraa bakka ni argatu
- Gochaa yakkaa, kuufama/balfaa, ykn waan fayyaa fi nageenyarratti waan balaa dhiyoo ta'e uumnaan, kireessaan beeksisa guyyaa 3 keessatti adda kutuu galgalcha isaa magaalaattiif erguudhaan isin qaqqabsiisuu ni danda'a.

Yoo gargaarsa kiraa ykn gargaarsa mana jijjiirraa barbaaddan, tarree rifaralaa bal'aa ejensii maallaqaa fi qabeenya biroo qabaniif 2-1-1 irratti bilbilaa.

## Buqqisa Bara Barnootaa

Maatiin kee barattoota (eeggumsa guyyaa - barnoota ol aanaa), barsiistota, gargaartuu hojjii barnootaa qabu taanan, kana akka ittisa buqqisaatti yeroo barnootaa Ganda Mana Barnootaa Seattletti dhiyeeffachuu ni dandeessa. Kan armaan gadii hojirra ni oola:

- Abbaan qabeenyaa ykn maatiin manichatti yoo kan galan ta'e.
- Magaalattiin abbaa qabeenyichaa kireessuu akka itti hin fufne yoo kan ittisu ta'e (Yeroo tokko tokko kireeffattootni gargaarsa kaffalameefii bakka jijjiirrachuu ni argatu)
- Magaalattiin lakkoofsa nama manicha keessa jiraatuu abbaan qabeenyaa akka xiqqeessu ni gaafatu.
- Gochaa yakkaa, kuufama/balfaa, ykn waan fayyaa fi nageenyarratti waan dhiibbaa qabu daangaa dabarraan abbaan qabeenyaa beeksisa guyyaa 3 keessatti adda kutuu ni kenna.



## Rakkoo dinagdee Covid-19 dhaan waal qabatu

* Kanneen yeroo Rakkoo Hatatattamaa Hawaasaa keessatti mudataniif

## Ittisa Buqqisaa Kanneen Biroo

Sababootni buqqa'iinsaa kanneen kireessaan ulaagaa Magaalattii guutuu dhabuudhan dhufu, qabeenya galmeessuu dhabuu, sababoota buqqa'iinsaatif ragaa kennuu dhabuu fi kkf fakkeenyotadha.




## Qabataa Seeraan Alaa

Baasichi, yookan hidhamuun seeran alaa, adeemsaa seeraa kan kireessaan qabeenya isaa akka deebi'u taasisuuf hordofudha. Adeemsa hidha seeraa malee kireessaan kireeffattaa manaa buqqisuun seeraan ala. Gochaaleen akka furtuu jijjiiruu, qabeenyota kireeffataa baasuun, ykn fayyadamummaa adda kutuun baayyee dhoorkamoodha.

Adeemsa mana murtii jalqabuu dura, kireessaan dursee beeksisa siif kennuu qaba. Beeksisuun karaa sababaatin adda kutuuf yaaluu, tursiisa kiraa, yookan seera waliigaltee kiraa hojirra oolchuu faa ta'uu mala. Gosa beeksisaa fuula 36. irra ilali. Yoo beeksisa siif kennametti kan hin geggeeffamne ta'e, sana booda kireessaan seera hidhamaa seera alaa kan manni murtii qabeenyi kiraa'e akka abbaaf deebisu gaafatu hordofuu itti fufuu danda'a.

Kireessaan sababa ykn sababoota itti manni murtii akka ati manicharraa baatu itti si gaafateef kan galtee ykn komii jedhaman siif kennuu qaba. Yeroo hedduu ajaja mana murtii buqqisuu irratti dabaluudhaan baasiii seeraa ni gaafata.

Takka galtee ykn komiin si qunname taanan ogeessa sirnaawaa ta'e kallattiidhaan dubbisuun baayyee barbaachidha. Waraqichi deebisaa keetif yeroo xumuraa ni qaba. Yeroodhaan deebii hin kennitu taanan, ni buqqifamta jechuudha.

Magaalattiin kireeffattoota kamiiyyuu kan buqqafama irratti gorsa seeraa barbaadaniif Housing Justice Project (HJP, Porojektii Haqummaa Manneenii) wajjiin ni hojjatti.


Mirga kee mari'achiisaa argachuudhaaf, HJP karaa afur garagaraatin qunnamuu ni dandeessa: Gargaarsa seeraa argachuuf uunka sarara irraa www.kcba.org guuti Ergaa keessan kaa'uuf (206) 580-0762 irratti bilbilaa. Iimeela hjpstaff@kcba.org irratti ergi. Kilinika seeraa wook-iin M-F, 9wd-12wb King County Courthouse Siyaatil keessaa daawwadhaa.

## Deebisaa Kuufama Eegumsaa Keessan

Yeroo baatan, kutaa kiraa sana sababa qisaasa'ummaa fi ciccituu madaalawaa ta'een alatti, haala yeroo kireeffattan sanatti deebisuu qabdu. Cabaa fi solloqni xixiqqoon ittii fayyadama sirrii keessa yeroo dheeraa irratti dhufu. Fakkeenyaf, halluun daaruu, sararoota xixiqqoolee, afatani dudulloomuu fi kkf. Miidhamuun, karaa biraa, tasa fayyadama seeran alaa, sirrii hin taane, yookan akka tasaa uumamuu danda'a. Fakkeenyi kanaa uramuu dhaaba manaa, capha fooddaa, yookan mallattoo gubaa adda addati.

Miidhaa gaheef ati kan itti gaafatamtu ta'uu mirkaneessudhaaf kireessaan dirqama waraqaa tarree mirkaneessaa isin lamaan irratti yeroo ati galtu mallatteessitan fayyadamuu qaba. Kireessaan isin gaggeessuuf hin dirqamu, garuu barbaachisaa dha jettanii yoo yaaddan gaafachuu dandeessu. Yeroo hunda qulqullina dabalatee haala itti deebiftan sana galmeessisuuf suuraa kutichaa kaasuun gaariidha. Yeroo galtan kireessan qulqulleessudhaaf isin kaffalchiiseera taanan, yeroo baatan qulqulleesudhaaf hin kaffaltan Fayyadamaaf kaffaltii addaa taasisteerta yooo ta'e, kuufamni kee sana hammachuudhaf ooluu mala.

1. Kireessaan keessan bahuu keessan irraa eegalee guyyoota 30 keessatti, kuufama keessan deebisuu fi /ykn ibsa bu'uura kutaa kuufama keessan of keessa qabuu isiniif kennuu qaba. Furtuuwwan hundaa qulqulllummaa keessaan abbaa qabeenyaatif mul'isuudhaaf deebisuu qabdu.
2. Kireessaan keessan suphaa ykn kaffaltii tajaajilaa dhumaatiif yeroo dabalataa yoo barbaade guyyoota 30 keessatti isin beeksisuu qaba.
3. Kireessaan kee yeroo gatii miidhama mudatee yeroo herregu gatii hir'isaa herregachuu qaba. Fakkeenyaaf, umrii, haala fi hafteewwan lafaa barbaachisoo, faayessaa fi kkf, yeroo miidhama herreganitti tilmaama keessa galuu qabu.
4. Kaffaltiin kee akka siif ergamuuf iddoo ergaa isa sirrii kennuun ittigaafatamummaa keeti. Yoo ati hin taasisin, kireessan kee iddoo ergaa kee isa xumuraa fayyadamuu qaba.



# Yaadota Xumura

Manneen keenya miira keenya nageenyaatif akkasuams qulqullina jireenyaatif bu'uura. Danbiiwwanii fi seerotni manneenii sirriin mirgoota kee naannoo nageenyaa kan ati haalan manneen tasgabbii qaban keessa jiraachuudhaf qabdu eegsisan ni jiru.

Hariiroo akka waliigaltee hojii fakkaatu kireessaa kee wajjiin qabaachun waliigaltee kiraa manaa keef tasgabbii kenna. Yeroo tokko tokko yeroo waldhabdeen uumamu odeeffannoo, qajeelfamaa fi gidduu seentummaas ta'u gaafachuuf sababa qabaachuu dandeessa. Odeeffannoo barbaadda yookan komii kee dhiyeeffachuudhaaf qophoofteerta taanan Sararri Gargaarsa Renting in Seattle (206) 684-5700 gargaartuu kee isa sirriidha.

Magaalattiin mirgoota kireeffachuu akka fayyadamtuuf si gargaarti. Kireessaan keessan gamoo keessan keessatti kireeffattoota biroo wajjin wal arguu fi gurmaa'uu, barruulee raabsuu ykn walgahii akka hin goone isin dhorkuu hin danda'u. Kireessaan keessan waan mirgoota mana jireenya keessan fayyadamtaniif haaloo isinitti ba'achuun baayyee dhorkamaa fi akkasumas adabbii mallaqaa, adabbii fi/yookan qoratamuu danda'a.

Qajeelfamni Kireessitootaa gargaartuu gaariidha jennee yaadna. Muxannoo kireeffachuu keetif mirgoota fii dirqama kee baruun baayyee barbaachisaadha. Namni hunduu mana gammachuu fii fayya qabeessa argachuu qaba.



# Qabeenya Kireeffataa

## 2-1-1

Odeeffannoo bal'aa fi gargaarsa maallaqaa, gargaarsa seeraa, fi qabeenya abukaatummaa mana jireenyaa King County keessatti argamuu argachuuf **mana qulqulleessuu.**

## :Siyaatil

Bootkaampii kireeffataa fi gurmaa'insa kireeffattootaf bu'uuraa ni kenna.
https://beseattle.org
206-487-4060

## Housing Justice Project King County Bar Association(Pirojektii Haqaa Mana Jireenyaa Waldaa Ogeessota Seeraa King County)

Kireeffattoota galii xiqqaa qabaniif buqqifamuu isaan mudatuuf bakka bu'ummaa seeraa ni kenna.
516 Third Ave Suite W-314, Seattle, WA 98104
https:/housingjusticeproject.org
206-580-0762

## Interim Community Development Association(Waldaa Misooma Hawaasa Yeroo)

Hawaasa galii xiqqaa Eeshiyaa, Odoola-Paasifik, godaantotaa fi baqattootaaf tajaajila ittisa mana dhabuu fi mana jireenyaa ni kenna.
601 S King St, Seattle, WA 98104
https://interimcda.org/
206-623-5132

## Queer Power Alliance

Hawaasa LGBTQIA tiif qaqqabummaa mana jireenyaa haqa qabeessaa fi walqixa kennu. Kireeffatootaaf woorkishooppii barnootaa fi deggarsa ni kenna.
https://queerpoweralliance.org/
1200 12th Ave S Suite 1101, Seattle, WA 98144
206-395-6658

## Solid Ground

Solid Ground karaa odeeffannoo, abukaatummaa, bulchiinsa dhimmaa fi deeggarsa maallaqaa daangeffameen namootni mana amma jiran keessa akka jiraataniif deggarsa taasisa.
1501 N 45th Street, Seattle, WA 98103
https://www.solid-ground.org/
206-694-6700



## Somali Community Services of Seattle(Tajaajila Hawaasa Somaalee Siyaatil)

Dhaabbanni tola ooltummaa kan qulqullina jireenya maatii galii xiqqaa qabaniifi miseensota hawaasa baqattootaa fi godaantota Somaalee fooyyessuuf hojjetu.
8810 Renton Ave S, Seattle, WA 98118
https://www.solid-ground.org/
206-760-1181



## Tenant Law Center Catholic Community Services of Western Washington

Kireeffattoota galii xiqqaa qaban kan buqqifamuun mudate, deeggarsa addaan citee fi gaaffii bakka jireenyaa madaalawaa barbaadaniif tajaajila seeraa ni kenna.
100 23rd Ave S, Seattle, WA 98144
https://ccsww.org/get-help/specialized-services/tenant-law-center/
206-580-0762

## Tenants Union of Washington

Tajaajila gorsa kireeffataa, abukaatummaa siyaasaa fi gargaarsa kireeffattoota gurmeessuu ni kenna.
5425 Rainier Ave S, Suite B, Seattle, WA 98118
https://tenantsunion.org/
206-723-0500

## United Indians of All Tribes FoundationHomeless Prevention Program (Sagantaa Ittisa Mana MaleessummaaFaawundeeshinii Tokkummaa Gosoota Hundaa Hindii)

Dhiyeessaa Dhaabbata tajaajila hawaasummaa, giddugala hawaasaa, fi mana aadaa magaalaa lammiilee Hindii.
5011 Bernie Whitebear Way, Seattle, WA 98199 (Discovery Park)
https://unitedindians.org
206 285 4425

## Villa Comunitaria

Godaantotni Laatiinx walxaxiinsa immigireeshinii, mana jireenyaa, fayyaa, barnootaa fi sirna seeraa Ameerikaa keessa akka argatan gargaara, kanaaf jiraachuu fi guddachuu danda'u.
8201 10th Ave South, Suite 8, Seattle, WA 98108
https://villacomunitaria.org
206-767-7445

## Washington Law Help

Odeeffannoo seeraa bilisaafi unka of gargaarsaa mana murtii kan abukaatonni barreeffaman adeemsa mana murtii falmii buqqisuu fi wabii keessa si qajeelchuuf godhan
https://washingtonlawhelp.org/

# Ibsituu (Indeeksii)




**A**

**Agarsiistuu aaraa**
Dirqama Kireessaa/Kireeffataa 32
Ulaagaa xiqqaa 9
**Anniisaa Sagalee Puget 27**
**Asbeestoos ful.9**

**B**

**Bakka jireenyaa Madaalawaa ta'e**
Dhaqqabummaa 18
Beeksisa Kiraa Manneeni 11
Tajaajila Bineensotaa 19
**Bakkeewwan Waliinii 32**
**Beeksisa**
Jijjiirama Haala Waliigaltee Kiraa keessan irratti taasifamu 38
Raawwachuu ykn Gadhiisuu 40
Kaffaltii 36
Daballii Baasii Mana Jireenyaa 37
Seenuuf yaada qabaachuu 38
Gurguruuf yaada qabaachuu 41
Beeksisa Kiraa manaa Addaan Kutuuf 46
Kaffaluu ykn Gad lakkisuu 40, 42
Balfaaf ykn Jeequmsaaf Diisuu 41
Sababa Haqa qabeessaaf Kiraa Manaa Addaan Kuutuu 41
**Beeksisuu 13**
**Bineensota Manaa 32**
**Bineensotaa Tajaajilaa 19**
**Buqqa'iinsa 38,47**
**Buqqisuu**
Sababa Haqaa 41, 46–49
Buqqisaa Seeraan Alaa 50
Ittisa 49

**D**

**Daballii Baasii Mana jireenyaa 37, 38**
**Dhaqqabummaa 18**
**Dirqama Kireessaa 32**

**F**

**Faaya Liidii 9**
**Faayidaalee 26–29**

**G**

**GALMEE KIRAA MANAA**
Ulaagaalee barbaachisan 10

**H**

**Housing Choice Voucher**
Loogii 11
Seattle Housing Authority (Abbaa Taayitaa Mana jireenyaa S iyatil) 6
Madda Eegumsa Galii 12

**I**

**Iyyata**
Fair Chance Housing 12

First in Time (Yeroo Jalqabaaf) 16
Kireeffachuuf Qophaa'aa 14
Kuufama Qabaachuu 18
Reeshiyoo Galii gara Kiraa 17
Beeksisa Kiraa Mana jireenyaa 11
Tajaajila Bineensotaa 19

## J

**Ji'a Ji'aan**
Buqqa'iinsa Sababa Haqa qabeessan 46–49
Bahuu 44
Beeksiisa Kireessaa Keessan Irara 37–41
Gosoota Waliigalteewwan Kiraa manaa 23

## K

**Kaffaltii Qaama sadaffaa 27–28**
**Kaffaltii Seensaa**
Hiriyoota dabaluu 34
Kaffaltiiwwan Dhaabbii 25
Daangaa 24
**Kaffaltii**
First in Time 16
Kaffaltii yeroon booda kaffalamu 28, 40
Galuu 24–25
Kaffaltii beeksisaa 37
**Kaffaltiiwwan kutaa kutaadhaan kaffalaman 25**
**Koodii Suphaa Manneenii fi Gamoowwanii 8**
**Kuufama Bineensa Manaa 24–25**
**Kuufama Nageenyumma**
Kuufama Qabuu 18
Kaffaltiiwwan Dhaabbii 25
Kaffaltii Seensaa 24
Deebisuu 51
Tarree sakatta'iinsa Seensaa 21
**Kuufama Qabaachuu 18**
**Kuusa Balfaa**
Kaffaltii kaffaluu 26–29
Dirqama Kireessaa/Kireeffataa 32

## L

**Liizii - Waliigaltee Kiraa manaa ilaalaa**

## M

**Madda Galii 12**
**Manneen Gatii Madaalawaa 6**
**Manneen Sirnaawo**
Nama qooduu 11
Tajaajila Bineensotaa 19
**Mirgoota**
Kireeffataa Gurmeessuu 52
Gorsaa Seeraaf 36
**Misooma**
**Mul'istuuwwan Kaarboon Monoksaayidii**
Dirqama Kireessaa/Kireeffataa 32
Ulaagaalee xiqqaa 9

## N

**Nagahee**
Bakka Qabannaa MirkaneessuufKuufama qabaachuu 18
Dirqama Kireessaa/Kireeffataa 32
Waada Gargaarsa Kiraa manaa 43
Buqqa'iinsa dinagdee 37
Dabali 37
Kaffaltii 32
Nagahee 32
Uggura 33

## Q

**Qaama miidhamumma**
Dhaqqabummaa 18
Tajaajila Bineensotaa 19
Madda eegumsa galii 11–12
**Qabachuu**
Hiriyoota waliin galan dabaluu 34–35
Ulaagaalee xiqqaa 10
**Qorannoo**
Hiriyoota dabaluu 34
Kaffaltii 24
First in Time 16
Kuufama Qabuu 18
Gabaasuu 11–14
**Qulqulleessu**
Deebisa Kuufama 51
Kaffaltii Jijjiirraa 24

## R

**Reeshoo Galii gara Kiraa**
Shallaggii 17
Madda Eegumsa Galii 12

## S

**Sakatta'iinsa Duubbee**
Fair Chance Housing 12
Gabaasa Qorannoo 14, 24
**Seattle City Light 26**
**Seattle Housing Authority**
Manneen Gatii Madaalawaa 6
Manichi Galmaa'eeraa? 10
**Seenaa yakkaa 12, 13**
**Suphaawwan**
Dirqama Kireessaa/Kireeffataa 32
Beeksisa Galchuu 38

## T

**Tajaajila Uummataa Siyaatil 26**
**Tarkaanfii badaa 14**
**Tarree**
Deebii Kuufama 51
Galuu 21

## U

**Ulaagaalee xiqqaa 8–9**
**Waliigaltee Kiraa**
First in Time 16
Kuufama Qabuu 18
Sababa Haqa qabeessa 46–49
Dirqama Kireessaa/Kireeffataa 32–34
Kara keesaa galuu 21
Beeksiisa Kireessaa Keessan Irraa 37–41
Akaakuuwwan 23–24
Kan seeraan ala hidhu 50
Kaffaltii tajaajila fayyadamumma 26–27

# Hubachiisa

# Hubachiisa

## SARARA BILBILA GARGAARSAA:
## (206) 684-5700
## www.seattle.gov/rentinginseattle

